

**QAACCESSA HAALA DHIYAANNA DHAMJECHOTA
MAQAAFI GOCHIMA: KITAABILEE AFAAN OROMOO
KUTAA 9FFAAFI 10FFAA**

BULTII BAQQALAATIIN

**YUUNVEERSIITII ADDIS ABABAA
KOLEEJJII NAMOOMMA A QO 'ANNOO
A FAANII JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO OG BARRUUFII
FOOKILOORII**

HAGAYYA ,2009/17

FIFINNEE

**QAACCESSA HAALA DHIYAANNAA DHAMJECHOTA
MAQAAFI GOCHIMAA:KITAABILEE AFAAN OROMOO
KUTAA 9FFAAFI 10FFAA**

BULTII BAQQALAA

MAQAA GORSAA Dr.ADDUNYAA BARKEESSAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUUN
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOOOGBARRUUF FOOKILOORII**

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

Waraqaa Mirkaneeffanna

Ani barataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'usaa ibsaa hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kam iyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'usaafi yaadolee qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo koo nan mirkaneessa .

Maqaa qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

**Yunversitii Addia Ababaa /Finfinnee/
Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatii booda**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA)Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuun gamisaan guuttachuuf Bultii Baqqalaa Galateetiin mata duree: Qaaccessa Haala Dhiyaannaa Dhamjechoota Maqaafi Gochima kutaalee 9ffaafi 10ffaa,jedhu irratti qophaa'e, sadarkaa qorannoo yuuniversiitii Addis Ababaa guutee kan dhiyaate ta'uu nimirkanessina.

koree qormaaqormaataa.

Qoraa alaa_____mallattoo_____guyyaaa_____

Qoraa_____mallattoo_____guyyaa_____

Gorsaa_____mallattoo_____guyyaa_____

Itti gaaffatamaa Muummee yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa(MA)

Axereera

Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara2005 qopha'an keessatti dhiyaatan qaaccessuudha .Haala dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kutaalee kunneen keessatti mul'atan adda baasuun qaaccessessee dhiyeesseera .Haala dhiyaannaa isaaniif furmaata barbaaduuf immoo adeemsa qorannoo ibsaatti gargaarame kitaabilee kutaa9ffaafi 10ffaa ti .Meeshaalee odeeffannoon ittiin walitti qabame immoo mirkaneeffannaa kitaabilee barnootaafi qajeelcha barsiisaati .odeeffannoon walitti qabame mala qorannoo akkamtaatiin qaaceeffameera. Akka aragnoo qorannoo kanaatti waa'een fufiilee gadfageenyaan ibsamuu dhabuu ,tajaajilli isaanii adda bahee dhiyaachuu dhiisuu ,haalli fayyadama iddoo tokko tokkotti dhaaba dhaabuu ,kitaabicha keessattikan dhiyaatan muraasachuufi kenneen murtoofte qofaatti fayyadamuu ,fufiilee akkamitti akka fayyadan kitaabicha keessatti ibsaafi fakkeenya bal'aa waliin dhiyaachuu dhabuu kkf akka jiru qorannon kun mirkaneesseera.Arganno qorannoo kanaarratti hundaa'uun yaanni furmaataa kennameera. Yaanni kennamees,fufiileen maqaafi gochima afaan oromoorratti argaman kitaabilee kutaalee kunneen keessatti bal'inaan dhiyaachuu akka qaban ;maalummaa fufiilee haala ifaa ta'een fakkeenyaafi ibsa bal'aa wajjin dhiyeessuu qabu, dogoggorri fufiilee kitaabilee keessatti argaman secca'amuun sirrachuu,garagarummaan ykn dhaaba dhabuun mul'atus bifa walta'ina qabu unakka fooyya'uu ,tajaaila garaagaraatiif akka itti ooluu dandaa'an fakkeenyaan deggeramee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu qabu. Kanaaf, qopheessittoonnii sirna barnootaa Afaan Oromoo qabxiilee armaan olitti tarreeffaman kun gama gahiinsa qabiyyee barumsichaaf gufuu waan ta'aniif ilaalcha keessa sirreessuu qabu.

Galata

Jireenya biyya lafaa keessa rakkoofi wantoota walxaxaa hedduutu jira .Hojii hojjeetamu tokko keessattis nimul'ata .Hunda dura Waaqayyo isa bu'aa ba'ii hedduu keessa na dabarsee hojii kana akkan xumuru nagargaareef galanni guddaan haata'u.

Itti aansuun milkaa'ina qorannoo kanaaf osoo na nuffin obsaafi jaalalaan hanga dhumaatti gorsaafi qajeelfama qorannoo kanaaf barbaachisu hunda kan naaf kenne Dr.Addunyaa Barkeessaa baay'een galateeffadha.

Deggarsan gaaffadhe hundaa naa gochuun kan na bira dhaabachaa tura waajjira Manneetii Barnootaa Aanaa Baabboo Gambeelfi Mana Barumsaa Qophaa'inaa Baabboo Gambeel guddaan galateeffadha.

Itti aansuun qorannoo kana yemmuu geggeessaa turetti tumsaafi jajjabina kan naa gochaa turte haadha warra kiyya barsiituu Ayyantuu Bayyanaas osoon hin galatteeffatin hin darbu.

Akkasumas, deggersa kopiiyuutera,deggersa yaadaafi barreessuu kan naa godhan:Lalisee Bayyanaafi abba warra ishii Damusee Baqqalaa,Magarsaa Adimaasuu ,Mirreessaa Xiiqii baayeenS galateeffadha.

Jibsoo: hiika gabaajewwanii

Gabaajewwan kun kitaabilee keessatti kan beekaman osoo hintaane qorataan waraqaa qorannoo isaa keessatti kan fayyadameedha.

KBAO=Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo

FBO=Fufiilee Afaan Oromoo

KB=kitaaba Barataa

QB=Qajeelcha Barsii

FAO=Fufiilee Afaan Oromoo Fayyadama

FFKBAO= Fufiilee Kitaabilee Afaan Oromoo

FKBA=Fufiilee Oromoo Kitaabilee Barnoota Afaan

Baafata

Mata Duree	fuula
Axereera	i
Galata	iii
Jibsoo: hiika gabaajewwanii	iv
BOQQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Ariirata Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	2
1.3 .Kaayyoo Qorannichaa	3
1.4 .Faayidaa Qorannichaa	4
1.5. Daangaa Qorannichaa	4
1.6.Haniqina qorannichaa.....	5
1.7. Qindaa'ina Qorannichaa.....	5
BOQQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	6
2.1. Maalummaa Dhamjechaa	6
2.2.Firjecha.....	8
2.3. Akaakuu Dhamjechaa	8
2.3.1. Buura Tajaajilaan	9
2.3.2.Bakka Argamaatiin	10
2.3.3. Bu'uura Qabiyyeetiin.....	11
2.4. Tajaajila dhamjechootaa.....	12
2.5. Faayidaa Dhamjchootaa kitaaba barataa keessatti	12
2.6. Barbaachisummaa Qophii Xinjechaa Barnoota Afaanii Keessatti.....	13
2.6.1. Haala Dhiyaannaa fufiillee gilgaalota kitaaba Barataa Keessatti	13
2.7. Sakatta'aa Baruu Walfakkii	14
BOQQONNAA SADI: MALA QORANNOO	16

3.1. Saxaxa Qorannoo	16
3.2. Maddoota Ragaa.....	17
3.3. Irraawwatamaa Qorannichaa.....	17
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo	17
3.4.1. Sakatta’an Dokimentii	17
3.5. Qaaccessa Odeeffannoo	18
BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAAFI XINXALA RAGAA	19
4.1. Qaaccessa Haala Dhiyaanna dhamjechoonta Maqaafi Gochima	19
4.2. Dhamjechoota Hormaata Jechootaa keessatti.....	19
4.3. Haala Dhiyaanna Dhamjechootaa kitaabilee Barnootaa Keessatti	20
4.3.1. Dhamjechoota Henna Mul’isan.....	20
4.3.2. Dhamjechoota Hi’eentaa/faallaa/ Mul’isan	21
4.3.3. Dhamjechoota Hedduminaa Agarsiisaa.....	22
4.3.4. Dhamjechoota Beekamtummaa Agarsiisan	24
4.3.5. Dhamjechoota Firjecha Agarsiisan.....	25
4.4. Akaakuu dhamjechoota	26
4.4.1. Bu’uuraTajaaila.....	26
4.4.2. Unkarratti Hundaa’uun	28
4.4.2.1. Dhamjecha Walabaa	29
4.4.3. Qabiyyee Isaan Qabanirratti Hundaa’uun.....	31
4.4.3.1. Dhamjecha tajaajil tokkee.....	31
4.4.4. Bakka Argama Irratti Hundaa’uun.....	32
4.4.4.1.Hundee jechaa.....	32
4.4.4.2. Dhamjecha duubaa.....	33
4.4.4.3. Dhamjecha gidduu	34
4.4.4.4. Dhajecha boodaa.....	34

4.5. Dhamjechoota Umamtee /Yaasaa	36
4.6. Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechootaa karaa alkallattii	39
BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA	41
5.1.Goolaba	41
5.2Argannoo.....	42
5.3.Yaboo	44
Wabiilee	47
Dabalee. A.....	51
Dabalee. B	

BOQQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Ariirata Qorannichaa

Kaayyoon barnoota afaanii(Language Education) inni guddaan akka walii galaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka daada'aniifi ogummaawwan afaanii (The basic language skill) horachuu dha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii,meeshaalee gahumsa gonfachiisu, wal quunnamtii barnoota afaaniifi, jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessa. Kaayyoo kana galmaan gahuuf tattaaffii taasifame keessaa tokko qophii kitaaba barnootaati.

Afaan tokko immoo guddachuufi jiraachuun isaa kan beekamu qubee mataasaa qabaatee qubeen sunis, kan walta'e yoo ta'eedha. Afaan qubee mataasaa qabu wabii qaba. Qubeen immoo, afaan tokko walta'uuf wantoota gargaaran keessaa isa tokkoodha. Dabalataanis, afaanicha caalaatti barreessuuf, maalummaa afaanichaa qorachuuf, caasaa afaanichafi hormaata jechootaafi seerluga afaanichaa xinxaluuf walta'inni gahee olaanaa qaba.

Xinjechis damee xinqooqaa keessa isaa tokko ta'ee saayinsii jechoota afaan tokkoo sagaleerraa kaasee hanga himaatti caasaa afaanichafi hormaata jechootaafi seerluga afaanichaa xinxaluuf walta'inni gahee olaanaa qaba. Saayinsiin kunis afaanota addaddaa akkamitti jechoota isaanii akka ijaarratan qo'achuun yaaxina walii galaan kan dhiyeessuudha.

Xiyyeeffannoon yaaxina kanaa haala hawaasni afaan sana dubbatu eeguu qabu kan ibsuudha. Kana malee jechoonni afaan tokkoo ulaagaa maaliin akka ramadamaniifi akkamitti ijaaramuu akka danda'an adda baasee ifaa gochuun xinxala (Stern, 1983, Yule, 1991) .Kaayyoon qo'annoo jecha afaan tokkoo, caasaa ijaarsa jechootafi caasaaleen addaddaa walitti dhufeenya ijaarsa jechootaa keessatti qaban adda baasuun kan xinxaludha. Kunis jechoota afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun jechoota adda addaa hedduu ijaaruun akka danda'amu xinxala. Jechoota kana ijaaruufi kan ijaarames hubachuun bu'aa guddaa qaba. Afaan tokko hiika qabeessa ta'ee ergaa guutuu akka dabarsuuf sagaleewwan dubbii Afaanichaa sanaan jechoota ijaaruudhaan seerluga afaanichaa agarsiisuu dha. (Anderson, 1992).

Afaan tokko akka waliigalaatti mataasaa danda'ee sadarkaa sagaleerraa hanga himaatti haala ittiin dhiyaatu qabaatu qaba. Qindoominni fayadama afaanichaas ta'e, akkaataan ijaarsa jechootaa afaanichaa galma gahiisa sagataa barnoota afaan sanaaf gahee guddaa qaba. Sagaleewwanis seera afaan tokko eeganii wal duraa duubaan walitti qinda'anii yoo barreeffaman malee, ergaa hiika qabeessa ta'e dabarsuu hin daanda'an. Kunis kan mulisu haalli jechooni afaan tokko keessatti itti ijaaramanii tajaajilaaf oolaa kan afaan biraatiin adda ta'uusaati. Innis kallattiin haala qaaccessafi qo'annaa xinjechaa afaan tokko kan ilaallatuudha. (Lyons, 1981).

Qo'annoon kun haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qophaa'e Keessatti fufiilee danooma Afaan Oromoo keessatti heddummatuullee, kanneen kitaabilee keessa jiran muraasachuu, haalli dhiyaannaa dhamjechootaa bakka tokko tokkoti garaa gara ta'uu. kana jechuun dhaaba dhabuu. Kitaabicha keessatti darbe darbee qooddiin isaanii dogoggora qabaachuufi kkf. waan mul'ataniif qorannoon kun hanqinaalee kana adda baasuun erga dhiyeesse booda qaaccessaafi yaada furmaata jedhu ibsuuf kan yaaleedha .

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Dhamjechoota Afaan Oromoo irratti qorannoo geggeessuuf kana kakaase muuxannoo ani yeroon barsiisaa turetti qabuudha. Haalli dhiyeenya dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa kan kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qophaan keessatti dhiyaatan irratti qorannoo adeemsisuun hanqina dhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman adda baasuun qaccesseera. Barumsa afaanii keessatti itti fayyadamaafi beekumsa afaanii haalaan beekuuf akkaataan qophii kitaabilee barnootaa baay'ee murteessaadha. Kunis, seera qindoomina caasaa afaanii jechuun qindoomina sagalee afaanichaa, haala umamaafi hormaata jechootaa keessatti qooda olaanaa qabu. Akkaataa jechoonni ittiin qinda'anii sagalee, himafi kkf ijaaranii dha.

Waa'ee afaanichaa bu'uuraan beekuuf, hiika, caasaafi qabiyyee barnoota afaanicha irratti ibsa kennuu danda'uu agarsiisa. Haala qindoomina jechoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaannaa dhamjechootaa adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Seera qindoomina fufiile Afaan Oromoo beekuun immoo, dhamjechoota kanatti fayyadamuuf

gargaara. (Ijaaraa, 1999). Adeemsa ijaarsa jechoota Afaan Oromoo haalaan beekuun guddina afaanichaaf murteessaadhe., Tajaajila jechoonni afaan tokkoo dagaagina afaanichaatiif murteessaadha. Kanaanis namoonni afaanicha hin beekne afaanicha barachuuf, kanneen beekan immoo bal’isani ibsuuf seera afaanichaa kanneen akka ijaarsa sagalee, itti fayyadama jechootaa kkf baayee fayyadu.

Adeemsa qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota afaan tokko keesatti mala afaan sun ijaarsa jechoota afaanichaa sadarkaa addadatti itti dhiyaachuu qabu adda baasaanii beekuun barbaachisaadha. Haata’u malee, haalli dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee barataa keessatti darbee darbee hanqina kan qabu ta’uusaa mnuxannoon qaburraa hubadheen jira. Caasaaleen kunneenis kitaabilee barnootaa keessatti akkamiin akka dhiyaatanii jiran, dhiyaannaa isaanis kitaabicha keessatti haala wal fakkaataan ibsamaniiru moo hin ibsamne yaada jedhu qoraannoon kun adda baasuun guddina afaanichaaf gumaacha olaanaa qaba. Qorannoon kun rakkoo gama Kanaan mul’atu adda baasa .

Walumaagalatti, mata duree “Qaaccessa haalli dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman; kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qopha’an irratti qorataan ,qorannoo isaa akka geggeessuuf kan kakaase gaaffiilee bu’uuraa asii gadiiti

1. Haalli dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochimaa kan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaaf qophaa’e keessatti argaman maal fakkaatu?
2. Dhamjechoonni maqaafi gochimarratti fufamuun kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee kunneen keessatti argaman isaan kam?
3. Haanqinni qabata fayyadama fufiilee maqaafi gochimaatiin walqabatanii kitaabicha keessatti mul’atan maal fa’i?

1.3 . Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo goeroon qorannoo kanaa, qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman:kan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaaa bara 2005 qophaa’e qaaccessuudha. Kaayyoo Gooreen immoo akka kanaa gadii:

- 1.Dhamjechoota maqaafi gochimaa irratti argaman kitaabicha keessaa adda baasuu. .
- 2.Hanqina qabata dhamjechoota maqaafi gochimaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti dhiyaatan fidan ibsuu.
- 3.Haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman ibsuu.

1.4 .Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochiimaa Afaan oromoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti argaman wal bira qabee qaaccessuun adda baasee furmaata isaa ibsuuf gargaara. Kunis galma qahiinsa baruu barsiisuu keessatti akkaataa fayadama isaanii beekuun barbaachisaadha. Haala dhiyaannaa dhamjechoota kitaabicha keessatti argaman ibsuun kanneen, keessatti hin ammatamine,faayidaa isaan qaban waliin hammachiisuun guddina caasaa afaanichaatiif bu'aa waan qabuuf gaaffiiwwan armaan gadii akka ka'umsaatti qabatee ka'eera..

1. Qopheessitootni sirna barnootaafi kitaabiilee wabii kanneen qopheessaniif galtee ta'u danda'a.
2. Namoota mata duree kanarratti qorannoo gadfageenyaa adeemsisuu barbaadaniif ka'umsa ta'a.
3. Barattoonni sadarkaa kana baratan qormaata biyyooleessaaf waan qophaanif hubannoo wal fakkaata kennuu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni daanga'e,kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopha'an irratti ta'ee,qabiyyee kitaabilee kanneenii keessaa qaaccessa fayyadama fufiilee maqaafi gochimaa irratti argamaniidha .Kutaan filatame kun akka mana barumsaa sadarkaa 1ffaafi sadarkaa 2ffaatti bakka murteessaafi olaanaa waan ta'eef; barattoonni sadarkaa kanarra jiran qormaata biyyooleessaa irratti waan isaan gargaaruuf kutaan kun daangeffamee fudhatame. Kana jechuun barattoota sadarkaa

biroorra jiran hin barbaachisu jechuu osoo hin ta'in, kutaalee hedduurratti hojjechuun qorannaicha waan balisuuf yeroo barbaadame keessatti xumuruuf rakkisaa waan ta'eef. Barattoonnis waa'ee fufiilee gad fageenyaan kan barataniifi iddoo barnoota sadarkaa olaanaaf itti ofqopheessan. Kanarraa ka'uun qorannoon kun asirratti daangaera.

1.6.Haniqina qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuu keessatti rakkoolee hedduun na mudataniiru.Isaan keessa inni tokko hanqina yerooti. Qorannoo kana hojii baruu barsiisuu cinaati waana geggeessseef haniqinni yeroo guddaan na mudateera.Kanas dandamachuuf yeroo barnootaa alatti itti fayyadamuun mo'achuuf yaaleera . Inni biraan hanqina kitaabilee wabiiti. Kun akkuman tuqe naannoon hojjechaa jirutti mataduree kanaa wajjin kan walqabatan kitaabilee argachuuun rakkoo haa ta'umalee, kitaabilee kaan bituunfi kan biraa ergifachuun rakkoon gama kanaas furmaata argateera. Inni biraan fageenya; kunis iddoo ani hojjedhu waan fagaatuuf akka barbaadametti gorsaa wajjin walarguu hin dandeenye. Kanas, yoon akka barbaadametti hin argamne iyyuu e-meliifi poostaan waanan hojjedhe erguun gorsaa wajjin wal quunnamuuf yaaleeraDhumarratti rakkoon furmaata hinargatin silaabasii barnootaati. walumaagalatti qabxiileen olitti tarreeffaman kunneen qorannichi haala barbaachisaa ta'een akka hin adeemsifamne danqullee kana hundumaa dandamachuun tooftaa garaa garaatti dhimma ba'ee keessa darbuu

1.7. Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee diyaate.Boqonnaa tokkoffaa keessatti ariirata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa ,. Kaayoon qorannoo, kaayyoofi gooroo gooreetti qoodamanii dhiyaataniiru. Faayidaan qorannichees, duraa duubaan dhiyaataniiru. Boqonnaa lama keessatti sakatta'iisi barruufi barruu wal fakkii kan dhiyaate yoo ta'u. Boqonnaa sadii keessattis, malli qorannichaa dhiyaateera. kana keessatti maddi ragaalee, malli filanno iddattoofi iddatteessu, malli funaansa odeeffannoofi meeshaalee funaansa odeeffannoo, malli qindaa'inefi qaaccessa ragaalee dhiyaatamiru, Boqonnaa afur keessatti xinxalli ragaalee KB fi QB kutaa 9ffaafi 10ffa keessatti argaman dhiyaataniiru. Dhumarratti guduufaafi yaboon qorannichaa boqonnaa shan keessatti qindaa'ee kan dhiyaateedha.

BOQONNAA LAMA:SAKATTA’A BARRUU

Seensa

Kutaa kana jaalatti maalummaa dhamjechoo, haala dhiyaannaafi tajaajila fufiilee Afaan Oromoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisa keessatti dhiyaatanii jiran haala akkamiin dhiyaatanii akka jiraniifi akkamitti dhiyaachu akka qaban yaada beektotaan wal qabsiisuun dhiyeessuudha .yaaxinni qorannichaas, yaaxina caaseffamaati. Sabani isas caasaafi dhiyaanna dhamjechoo maqaafi gochimarratti argama waan ibsuuf. ”Yaaxinni caaseffamaa caasaa afaanii ibsurratti xiyyeeffata, (Chomesky,1965:163).

2.1. Maalummaa Dhamjechoo

Dhamjechoo qaama jechoo yookiin dhamjechoo hirkataa ta’ee kan qofaatti hiika guutuu hin qabneedha. Dhamjechoo dura, gidduu, duraafi duuba ykn duuba jechoo tokkoo irraatti maxxanuun garee ykn hiika jechoo kan jijjiiruufi tajaajila caaslugaa kan fayyaduudha. Kanaafuu, dhamjechoo hiika argachuu kan danda’u, yoo jechoo biraa kan mataasaa danda’ee dhaabbatutti maxxaneedha .Afaan Oromoo keessatti fufiileen jiraachuurratti hayyonni yoo waliigaln iyyuu, uunka dhamjechoo dhimmicha agarsiisan fayyadamuurratti haala garaagaraatu mul’ata.Dhamjechoo kunneen afaan oromoo keessatti maal akka fakkaatan hubachuuf falaasama oromoo ka’umsa taasifachuun barbaachisaaadha. Fufiileen caasaa barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaa isaan qaban hedduudha. Harmer (1987:10) , “It is clear that we introduce anew pieces of grammer we must teach not only the forms but also one of its functions “,jedha. Akka yaada kanaatti caasaa tokko yemmu ibsamu kan barsiifamuu qabu uunkaa qofaa osoo hin taane tajaajila hiikaa inni qabuudha.

Xin jechoo akkaataa jechoonni afaan tokkoo ittiin uumamaniifi horanii seerluga afaannichaa agarsiisan xinxala. Haala kanaanis jechoota afaan tokko keessatti argaman qo’achuudhaan garee addaadda keessatti hira. Akasumas, dhamjechoo afaan tokkoo nixixala. Kanamalees, haala caasaafi uunkaalee jechoota bu’uuraafi jechoonni ijaaraman ittiin ibsaman xinxaluun kan dhiyeessuudha (Yule,1996).

Haaluma wal fakkaatuun xiyyeeffannoon xinjechoo sadarkaa kanatti amala jechoonni bu’uuraafi uumamtee qaban kan xinxaluudha. Jechoonni Afaan Oromoo tooftaa addatiin

uumamuufi tajaajila garaagaraatiif horuun kuusaa jechoota afaanichaa gabbisu. kun immo, guddina afaanicha keessatti gahee olaanaa qaba. (Stern,1983, Lyons, 1981, Mattews, 1991) . Akkaataa jechoonni ittiin qinda’anii sagalee, hima, ijaaraniidha. Harmer (1999,58) ”One of the teacher job is to show the new language is formed how the grammer works and it is put together. One way of doing this is to explain the grammer in detail using grammatical terminology and giving amoungon the subject,”jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti hojii barsiisaa keessa inni tokko afaan keessatti waan haaraan tkko dhiyaachuu dandaaakkaataa walitti dhufeenyiifi hojiirra oolmaa caasaa agarsiisuudha. Walumaagalatti xinjechi faayidaa hedduu qaba; seerluga afaanichaa adda baasuun qopheessuuf, yaadrimee haarawaan jechoota maggaasuuf, galmees jechootaa qopheessuuf, waalta’ina jechootaafi caasaalee afaanichaatiif haala mijjeessuufi kkf.ta’uu dandaa. (Katamba,F.1993). Afaan tokkoof seerluga qopheessanii dhiyeessuun immo, namni afaanicha hin beekne tokko seerluga afaanichaa irratti hundaa’uun afaanicha salphaatti akka baratu gargaara. Namni afaanicha baratu sun dhamjecha seerluga agarsiisan adda baafatee yoo beeke, hanqinaalee seerluga addaaddaa raawwachuurraa ofqusatee barreessuu danda’aa. (Asaffaa,2009).

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii ofdanda’ee dhaabbachuun odeeffannoo hiika tokko kan kennuu fi hirkatee argamuun tajaajila caasuga addaddaa agarsiisuuf kan ooluudha.

O, Grady (1996:112), “Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function,” jedha. Kana jechuun dhamjechi qaama xiqqaa afaani ta’ee odeeffannoo hiikaa kan dabaluu fi tajaajila caasugaa agarsiisuuf kan ooluudha. Hockette (1970:123),’ Morphemes are the smallest individually meangiful elements in the utterance of a language,” jedha. Kana jechuun dhamjechi qaama xiqqaa afaanii jechoota afaanichaa keessatti argamuun hiika lachuu danda’u jechuudha. Horn by (2005:993), “Morpheme is the smallest unit of maning that a word can be divided into one or different meaningful forms. The word ‘like “contains one morpheme but ‘unlikely; contains three morphemes. “jedha. Kana jechuun dhamjechi caasaa afaanii kan hiika qabu ta’ee, kan jecha tokko unkaalee hiika qaban tokko ykn tokkoo olitti qoodee dhiyessuudha. AFaan Ingilizii keessatti jechi ‘like’ jedhu dhamjecha tokko kan qabu yoo ta’u ‘unlikely’ kan jedhu immoo dhamjechaata sadii

qaba. Kun immoo jechoonni afaan tokko keessa jiran dhamjecha tokkoo fi isaa ol irraa ijaaramu akka danda'an mulisa. Mee fakkeenya kana Afaan Oromoo keessattis haailaallu. Jechi tokko dhaamsawwan tokkoo ol dabarsuu ni danda'a jechuudha. Fkn. jecha "sangoota" yoo fudhannee ilaalle ergaa lama dabarsa. Ergaa inni jalqabaa yaadrimee beeylada jedhu yoo ta'u, ergaa inni lammaffaa immoo, beeylada tokoo olta'uu aagarsiisa. Kanarra kan hubannu qabiyyee dhamjechaa keessaatti garaagarummaa dhamjechaafi jecha gidduutti mul'atu, qaamoleen jechaafi dhamjecha haala ittiin gargara ta'an hubchuun nidandaama. (Stern,2003,Lyons,1)

2.2.Firjecha

Firjechi bifa dhamjechi tokko bakka garaagaraa galuun dhiibbaa naannicha irraa irra gahuun argatuudha. Bifti garaagaraa dhamjechi kun argatu kan firjecha dhamjecha tokkooti. Akkuma dubbii fi barreeffama keessatti dhamsagni tokko fira ittiin mulatu qabu dhamsagnis firjechaan bahee mul'ata jedhama. Finch (2005:100) "Allomorphes are the physical realization of morphemes" jechuun, O. G. Grady (1996:114), immoo, "Allomorphes are variant forms of a morpheme," jechuun hiikuu yaala. Yaada beektota kanaa irraa kan hubatamu dhamjechi dhimma sammuu ta'uufi firjechaan dubbii fi barreeffama keessatti mul'achu isaati Haata'u malee, firjechoota kana keessaa fufii tajaajila barbaadame sana bakka bu'u moosisuuf firjechoota irraa adda baasuuf seerri tokko jiraachuu qaba. Akka Bauer (2003), Baye (1986) jedhanitti, firjechoota dhamjecha tokkoo keessa firjechi faca'iinsa bal'aa qabu dhamjecha ta'uun filatamuu qaba.

2.3. Akaakuu Dhamjechaa

Bu'uuraa unkaa irratti hundaa'uun dhamjechoota bakka lamatti qoodamu. Isaanis ; dhamjecha walabaafi hirkataataatti qoodamu. Dhamjechi walabaa of dandaanii kan dhaabbatan yoo ta'an uunkaalee tajaajila garaagaraa agarsiisanitti addaan qoodamuu kan hin dandeenyeefi uunkaa tokko qofaan kan dhiyaataniidha,(Yule,1991,Abbarraafi aawwan,1998).

Dhamjechoonni hirkatoon of danda'nii hiika kan hinqabneedha. Haata'u malee, dhamjechoonni kun, jecha ykn hundee jechaarratti fufamun hiika jechaa dabaluu fi garee

jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu kessatti qooda qabu. (jaarraa W.B fi W.B yaadatu 2008:83) kana jechuun dhamjechooni hirkatoon ofdanda’anii hiika haa dhaban malee, hormaataafi uumama jechootaa keessatti baay’ee murteessoodha. Afaan Oromoo keessatti dhamjechooni bakka argamaisaanii irratti hundaa’uun hundee jecha, dhamjecha duraa, gidduu, boodaafi naanneetti qoodamu” (Addunyaa 2013:28). Haaluma Kanaan dhamjechi hirkataan bu’uura tajaajilaan bakka galumsaafi qabiyyee irratti hundaa’uun bakka sadiitti qoodamu.

2.3.1. Buura Tajaajilaan

Tajaajila isaanii irratti hundaa’uun dhamjechoota Afaan Oromoo warra tajajila caalugaaf dhaabbatanii (dhamjecha hortee)fi warra hiika yookiin garee jechaa jijjiiraa (dhamjechoota yaasaa) jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya. Bu’uura kanaanis ,dhamjecha uumamtee (Derivational morphemes), dhamjecha hortee (inflectional morphemes) jedhamu. Dhamjecha tokko hortee ykn umamtee jedhamuuf bu’uurri’ inni guddaan tajaajila isaati. (Abarraafi Kawwan, 1998, Addunyaa, 2011)

Dhamjechi hirkataan gareewwan jechoota addaddaa irratti argamuun walta’ina mathimaafi garee jechootaa kanneen biroollee ni mirkaneessa. Haata’u malee, garee jechaa jijjiiruun hin danda’an “An inflectional suffixes never changes the grammatical category of word (Yule, 1996, Gragg, 1976, Radford, et al 1999). Tajaajila kana akka koorniyaa, ramaddii, lakkoofsa, haala raawwii (kan raawwatamefi hin raawwatamne), hennafi kkf agarsiisu. Tajaajilli akkasii kun caasaa afaanii keessatti waltainsa matimaafi gochimaa, looga agarsiisuu keessatti gahee guddaa qabu.

Dhamjechi umamteen garee yookiin hiika jechaa jijjiiruufi qaama jechaatti fufamu. Dhamjechi kun yoo fufii hortee waliin dhufan walitti aanuun argamu. “The derivational morphemes used to make a new words in the language and often used to make words of different grammatical category from the steam (Yule, 1996). Akka yaada hayyuu kanaatti, garee jechoota maqaa, maqibsa, gochimaatti maxxannun yemmu jechoota haarawaa itti uumu ni mul’ata. “The Oromo language is very productive in word formation by diferent means, are method is the use of different derivational morphemes” (Catherine, 1987, Matews, 1991 Gragg, 1976). Akkasumas Afaan Oromoo keessatti

dhamjechoonni hundee jechaatti maxxananii jecha jijjiiran ni mul'atu, (Gragg, 1976, Catherine, 2001).

2.3.2.Bakka Argamaatiin

Dhamjechoonni afaan tokko keessatti bakka argama isaaniirratti hundaa'uun akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'u. Bakki argama isaanii kunis; dhamjecha duree, dhamjecha boodaafi dhamjechagidduu, naannee jechuun qooduu dandeenya, Mattews, (1991). Dhamjechoonni kunneenis Afaan Oromoo keessatti galumsarratti waan bakka walii dhiisaniif faca'iinsa waldegeraa qabu. Kana jechuun bakka dhamjechoonni duraa galan warri duubaa hin galan. (mattews, 1991, addunyaa, 2011). Dhamjechoonni kunneen isaan kam akka ta'aniifi amala akkamii akka qaban haala itti anuun ibsamaniiru. Maartaa. (2006:7), "Gosoonni dhamjechoota hirkatoo bakka galumsaan hundee duraa, gidduu, duuba duraafi booda galuudhaan hiika jechichaa kan dabalani ykn jijjiiranifi dhamjecha kana adda baasee kan ibsuudha". jetti. Kanaaf jechoonni baay'een qaamolee xixxiqqaa kutaa jechootaa hiika qaban irratti ijaaramu .yemmuu kutaalee jechaa hiika qaba kanaan walitti dhufanii jechoota ijaaran adda baasanii beekuun murteessaadha. Isaanis hundee jecha, dhamjecha duraa, gidduu, duubaafi naanneen qaamelee waliin ta'uun jecha haaraa ijaaraniidha. (MC. Dongal, Little 1980:336) Dhamjechoonni kunneen isaan kam akkataanifi mala akkamii akka qaban haala itti aanuun ilaalla.

Hundeen qaama jechaa kan fufii (dhamjecha) ofitti hin maxxanfanne ykn handhuura jechaati. MC.Graw Hill (2000:318). "Hundeen qama murteessaa bu'uura hiika baatuufi ofdanda'ee dhaabbatu, dhamjecha umamteefi hortee fudhachuuf kan banaa ta'eedha," jedha. Egaa hundeen bu'uura hiika jechaa ta'ee, dhamjecha addaddaa fudhachuun kan hiika jechaa dabaluufi jijjiiruu danda'uudha. Kanaafuu, dhamjechi hundee jechaa malee hiika qabaachuu hin danda'an "Dhamjecha yaasaa hundee jechaarratti dabalamuun garee ykn hiika jechaa yoo jijjiiran, dhamjechi horteen hundee jechaatti maxxanuun caasluga agarsiisu" jedha (Filee 2015:71),

Dhamjechaa duraa akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amutti fuuldura jecha tokkootti yookiin qaama jecha tokkootti maxxanee kan galu ta'uusaati. Akaakuun dhamjecha kanaa hiika jechaa tokkoo jijjiiruu irratti gahee olaanaa qabu. Dhamjecha

duraa (miti-hin, yaa-, ni-, wal- kkf) yoo ta'an, karaa duraa jechattii maxxananii kan galamiidha. (Haspel maths, 2002, Mathews, 1991). Afaan Oromoo keessatti dhamjecha kun warra boodaatiin yoo wal bira qabamanii ilaalaman baayina hin qaban. Tajaajilli isaanis garee jechaa osoo hin taane hiika jechaa jijjiiru. Dhamjechaa kunneen hamma fufii ta'aniitti of danda'anii dhaabbachuu hin danda'aa. Akkuma kanneen biroo, dura jechaatti marrxanuun tajaajila kanaaf oolu. Haata'u malee, barreeffamni amma yonaatti afaanicharratti dhiyaateen dhamjechoota kana jecharraa butanii ykn qofaa dhaabani dhiyeessuu ibsu. Haalli ofdanda'amii dhaabbachuu immoo amala jechaati male kan dhamjecha hirkataa miti. Dhamjecha jedhamee kan ofdaada'ee dhaabbatu waan hin jirreef (Mathews, 1991, Addunyaa, 2011).

Dhamjechi boodaa hundee jechaatti karaa boodaa maxxanuun tajaajila caaslugaafi hiika jechaa jijjiiruuf fayyadu. Akaakuu dhamjecha Afaan Oromoo keessatti kanneen biroon wal bira qabamanii yoo ilaalamaa baay'ina qabu (Abarraafi kaawwan, 1998, Mathews, 1991)

Dhamjechi naannees ,duraafi boodaan si'a tokkotti, jecha tokkotti maxxananii galuun tajaajila tokkoof kan dhaabbataniidha. Akaakuun dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessattillee ni argam (HaspelMaths, 2002, Mathews, 1991, Abarraafi Kaawwan, 1998, Addunyaa, 2011).

2.3.3. Bu'uura Qabiyyeetiin

Dhamjechi afaan tokko kessatti argaman qabiyyee isaaniirratti hundaa'uun dhamjechi dhokataa (zero morphemes), dhamjecha tajaajilli tokkee (monosemous)fi dhamjecha duwaa (empty morphemes), jechuun qoodamu. Akaakuu dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessatti ni mul'atu (Abarraafi kaawwan 1998),

Dhamjecha dhokataa , tajaajilli isaanii jecha tokko keessatti akka dhamjechoonni kanneen biroo hin mulatin malee jiraachuufi dhabamuun isaanii hiika jechaas ta'e himaa ni jijjiiru. (Abarraa fi Kaawwan, 1998).

Dhamjecha tajaajilli tokkee immoo, fufiilee unka addaddaa ta'anii tajaajila tokko qaban of keessatti hammata. Akaakuu dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessatti caalaatti ifa

gochuuf, fkn. beerran, fardeen, hoolota fudhachuu dandeenya. Akka fakkeenya kana keessatti kanneen jala sararaman uukaan addadda haata'aa malee, tajajila caasluga afaan tokkoof kan dhaabbataniidha. kanaafuu, dhamjecha unkaalee addaddaa qabatamii tajaajila tokkoof yookiin hiika wal fakkaatuuf afaan tokko keessatti dhiyaatanii argaman dhamjecha tajaajilli tokkoo ta'u. (Gragg, 1976, Abdulsamed 1994, catherine, 2001)

2.4. Tajaajila dhamjechootaa

Dhamjechoota caasaa barnoota afaanii keessatti tajaajila heddu qabu. Harmer (1987:10). "It is clear that when we introduce a new pieces of grammer we must teach not only forms, but also one of its functions," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, caasaa haaraa tokko keessatti kan barsiifamuu qabu. Unkaa qofaa, osoo hin taane, tajaajilli, hiikaafi unkaan afannii sun qabuudha. Dhamjechoota waalta'ina Afaan Oromoo keessattis gahee olaanaa qabu. Kana jechuun Afaan yoo ittiin baratanifi qoratan, dhamsagni, dhamjechaafi jechi wal duraa duubaan galuun haala itti fayyadama afaan Sanaa ni waaltessu. (Abarraa, 1999:32). Yaada kanarraa kan hubannu, dhamjechi waltina afaanii keessatti gahee kan qabu ta'uusaati. Fakkeenyaaf dhamjechoonni danooma agarsiisan: jabbilee jabboota, gaaffilee gaaffiiwwan kkf garaagarammaa loogaa waan mulisaniif KBfi QBfi kitaabilee deggersaa kanneen biroon waliin ta'uun caasaalee jechoota afaanichaa keessatti argaman akka walta'an gochuun dagaagina Afaan Oromoof marteessaadha.

Kanaafuu, qopheessittoonni, sirna barnootaa dhimma kana yaada keessa galchuun kitaabilee barnootaa yemmuu qopheessaa bu'aa dhamjechoonni walta'ina afaan keessatti qaban waliin dhiyeessuu gaariidha

2.5. Faayidaa Dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti

Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti akkaataa meeshaaleen barnootaa tooftawwan qabiyyeen barnootaa dhiyaatan ittiin galma gahaan adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Qabiyye afaan tokkoo yemmuu barnootaaf karoorfamu wantoota ilaalcha keessa galan: sadarkaa barattoonni irra jiran , qabiyyee barnootaa dhiyaatu sana keessatti hammatamaniifi kaayyoo baratammf beekuun murteessadha. (MC.Donough and shaw,1993. Dhamjechoonni kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun caasaa guddina

barnoota Afaan Oromootiif murreessaadha. Nunan (1989) akkasitti ibsa, faayidaan caasaa afaanii barsiisuun qabu inni olaanaa caasaa afannichaa eeganii walii galtee uumuuf gargaara jedha. Dhamjechi hiika jecha tokkoo murteesus ta'e ijjiirama hiika fiduu keessatti faayidaa olaanaa qaba. Kaayyoon waa'ee dhamjechoota qorachuu barbaachiseef, caasffama jechootaafi karaa caasaalee kanneen walitti dhufuun jechoota uumuu keessatti walitti dhufeenyaa ibsuuf fayyada. (Anderson 1992:7) unkaalee jechaa beekuun immoo, waa'ee dhamjechootaa tokko tokkoon ibsuuf waan gargaaruufiidha. Kitaaba barataa keessatti haalaan dhiyaachuun barbaachisaadha. Robert E. Owens Jr (1988:27) akka ibseetti, "Dhamjechoonni henna, lakkoofsa, maayii ramaddii, agarsiisuuf maqaa, gochima barsiisuf gargaruu. Kun immoo Afaan Oromoo guddisuu keessatti qooda inni qabu guddaa ta'uunsaa beekamaadha.

2.6. Barbaachisummaa Qophii Xinjehaa Barnoota Afaanii Keessatti

Xinjechi adeemsa baruun barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti faayidaalee adda addaa qaba isaan keessaa muraasni. Seerluga afaanichaa adda baasuun qopheessuu, yaadarimeewwan haarawaafi jechoota moggoosuu, galmee jechootaa qopheessuu, waltainaa jechootaafi casaalee afaanichaatiif haala mijeessuufi kkf ta'u danda'u (Katamba ,1993). Afaan tokkoof seerluga qopheessanii dhiyeessuun immoo namni afaanicha hin beekne tokko seerluga afaanichaa irratti hundaa'uun afaanicha salphamatti akka baratu gargaara. Namni afaanicha baratu sun dhamjechoonni seerlugaa agarsiisaa adda baafatee yoo beeke hanqinaalee seerluga addaddaa raawachuu irraa ofeegge barreessuu ni danda'a.

2.6.1. Haala Dhiyaannaa fufiillee gilgaalota kitaaba Barataa Keessatti

Karaa ifa ta'een caasaa afaanii barsiissuun barbaachisaadha. Harmer (1987) ,"karaa ifa ta'een caasaa faanii barsiisuu keessatti barsiisaan mata dureefi, fakkeenya qopheeffate sana erga ibsee booda ibsa addaddaa kennuun barattoonnis fakkeenya kennamerratti hundaa'uun akka shaakala godha,"jedha. Egaa kun caasaa afaan alkallattiin barsiisuu waan ta'ef ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaanii dhiyaachuu qabu. barsiisaas ta'e barattoonni fakkeenya kana hordofuun hojjetu jechuudha. Inni biraan adeemsa keessa barattoonni caasaa afaanicha akka baratan kan taasisu yookiin alkallattiin

tooftaalee addaddaan dhiyaachuu danda'uu qaba. Fakkeenyaaf waliin marii keessa ;kitaabi barattootaaf qophaan daree keessatti waliin mari'achaa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Kunis beekusaafi muuxannoo barattoonni duraa qaba akka wal jijjiiraniif waan fayyaduuf achi keessaa fufiilee addaddaa baafachuuf isaan gargaar.

Haala naannoon wal qabsiisanii dhiyeessuunis barattoonni aadaafi duudhaa hawaasichaan walbararsiisa.kana keessatti barattoonni maal beekuu qabu yookiin maal barachuu fedhu kan jedhuun walqabsiisuun qophaa'ee hojiirra ooluu qaba.

2.7. Sakatta'aa Baruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo mata duree qorannoo Kanaan waliitti dhufeenya qabamatu sakatta'amee dhiyaate. Sakatta'aa taasifameen, qorannoon kanaan guutummaatti kan walfakkaatanii hojjetaman kan hin argamne yoo ta'u, mata durichaan walitti dhufeyya kan qaban dhiyaataniiru. Kanaaf qorataan waraqaa qorannoo garaagaraa hojjetamanii qorannoo kanan walitti dhufeenya qabu. Haala kanatti aanee jiruun ibseera.

Temesgeen (1993), "Word formation in Oromoo" ykn haala umamaafi homaata jochoota Afaan Oromoo ilaalchisee, barreeffama qophaa'e yoo ta'u, barreeffamichis haala hormaataafi umama jechootaa yookaan haala jechoonni wal itti makamuun jechoota haaraa uumuu danda'an afaan Ingiliziin walbira qabuun walitti dhuufeenyaafi garaagarummaa isaan gidduu jiru ibsuuf kan yaalee dha. Haata'u malee adeemsa baruu barsiisuu keessatti haala isaan ittiin dhiyaachuu qaban hinibisne.

Ijaaraa (1999). "haala dhiyeenya xinlatii barnoota Afaan Oromoo manneen barnootaa qophaniinaa Godina Baalee keessatti " hojjeteedha. kaayyoon qorannichaa, haala xinjechi Afaan Oromoo manneen barnootaa qophaa'inaa keessatti ittiin barsiifaman kan ibsuudha. Kunis, mala xinlatiin daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamuufi meeshaaleen barnootaa haala wal fakkaatuun dhiyaachuu akka qabu dhiyeesseera. Qorannichis sirna barnootaa moofaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 1ffaa irratti kan geggeeffameedha.

Qorannoon kun immoo mata duree "Haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaa fi gochima irratti argama kan kutaa 9ffaa fi 10ffaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kaayyoon isaa dhamjechoota maqaa fi gochimarratti argaman kitaabicha keessaa adda baasu, rakkoo

qabata haala dhiyaanna dhamjechoota Kanaan mul'ataaniif fala kaa'uu, haala dhiyeenya dhamjechoota kanaa ilaalchisuudhaan sakattaa'ee kan dhiyeesseefi akkamiin dhiyaachuu akka qabaa balinaan ibseera.

Baye (1981) akkaataa jechoonni afaan oromoo dhamjechoota adda adda ofitti maxxanfachuun maqaa fi maqibsii itti umuu danda'an irratti kan barreeffame yoo ta'u, innis adeemsa baruu barsiisuu keessatti haala itti dhiyaachuu qaban waan balinaan i bse hin qabu. Haaluma wal fakkaatuun akkataa maqaa, maqibsii fi gochimni Afaan Oromoo itti umaman irratti kan barreeffame yoo ta'u, kaayyoon isaas akka waliigalaatti yemmuu ilaalamu kan ibsu malee adeemsa barruu barsiisuu keessatti haala ittiin dhiyaachuu qaban irratti ibsa balaa hin laanne. Kaayyoon qoranno kanaa immoo akkama olitti ibsame, haala ittiin dhiyaachuu qaban kan ibsuufi rakkoollee qabata kanaa dhufan furmaata lafa kaa'uun ibsa bal'aa itti kenneera.

Qorannoo kanann walitti dhufeenya kan qabu kan biraan Kabbadaa (2006) mata duree. Qaaccessa Dhiyaanna xinjechaa kitaabilee barnoota Afaan oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa jedhu irratti kan dhiyaateedha. Qorannichis, haala dhiyaanaa jechootaafi dhanjechootaa walbira qabuun kan dhiyeeseedha. Dabalataanis, qorannicha keessatti karaalee dhamjechoonni ittiin dhiyaachuu qaban osoo ibseera ta'ee gaaiidha ture. Qorannoon "Haala dhiyaannaadhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti geggeeffame kun immoo, dhamjechoota gilgaala kitaabicha keessatti argaman kan adda baaseefi haala ittiin dhiyaachuu qabaniifi rakkoo gama sanaan wal qabataa dhufan, akkasumas, dhiibbaa isaan afaanicha irraan gahuu dandaa'nii adda baaseera. Kana malees, akkaataa dhamjechoota kun itti dhiyaachuu qaban balinaan fakkeenya waliin ibsee furmaata isaas dhiyeesseera.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Seensa

Kutaa kana jalatti saxaniifi irrawwataman qorannichaa, maddi odeeffannoo, qaaccessa ragaalee fi qindoonin odeeffannoo wal duraa duubaan qaaceffamaniiru. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti qoratiichi qorannoo akkamtaatti fayyadameera. Crewell (2007:40) mala kana yoo ibsu ,”We conduct qualitative research because we need a complex, detailed understanding of the issues and allowing to tell the stories what we have read in literature, jedha. kana jechuun qorannoon akkamtaa sakata’aa baruu irraa yaada argame dhugoomsuuf fayyada . Sababa qorataan yaada kana filateefis malli kun gaaffilee ‘ Maaliif’ ‘Akkamitti’ jedhuuf deebii kennuuf yaala. kana malees dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan ibs..kanaaf qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf fufiilee KBAO maqaafi gochimarratti argaman kan kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qophaan sakatta’uufi gaaffii banamoo odeeffannoo KBfi QB keessaa sakatta’attaman qaaccessa ibsuuf mala mijataadha. kanaaf ,qorataan kun odeeffanno kaayyicha fiixaan baasan kitaabicha keessaa sakatta’uun erga adda baasee booda hanqina kitaabicha keessaa argeef afgaaffii barsiisotaan gabbisuun ibseera.

3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun qaamolee jiran keessaa qorannoo akkamtaa ta’e saxaxa ibsaan ibsamee dhiyaate. Cohen, Mainon and Morrison(2005), “Saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoon isaa murta’a. Akkasumas kaayyoon qorannoon tokkoos saxaxaafi mala qorannichaan murta’a” jedhu. Kanaaf kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochimaan wal qabatanii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopha’an keessatti mul’atan qaaccessuun odeeffannoo kitaaba sakatta’ame keessaa argame ibsuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Akaakuun qorannoo kanaas, dameewwan xinqooqan keessaa xinqooqa ibsaatti dhimma baheera. Sababni isaas xinqooqni ibsaa faayidaafi caasaa afaanii karaa sirrii ta’een ibsuurratti ibsa gahaa waan kennuuf. Kunis, dhamsagaa kaasee caasaa afaanii hanga himaatti jiran irratti xiyyeeffachuun ibsa kenna, .Misgaanuu, (2012:9) .kanaafuu, fufiilee Afaan Oromoo caasaa afaanichaarratti hundaa’uun ibsa gahaa kennuuf dame xinqooqaa keessaa kan

filatameedha. Kanaafuu odeeffannoo KB fi QB fi afgaaffii barsiisota irraa argachuf meeshaalee ragaalee, mala filaannoo, mala qindoominaafi qaaccessa ragaaleetti gargaarameera.

3.2. Maddoota Ragaa

Qorannoo kana geggeessuuf akka madda ragaaleetti kan itti gargaarame, maddi raga tokkoffaa qorataan dhimma itti bahe sakatta'aa dokimentii ti. Kana jechuu kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi 10ffaa ti. Xiyyeeffannoon isaa dhamjechoonni kitaabileefi qajeelcha barsiisaa keessatti argama. Qabiyyee dhamjechoonni kunneen keessatti argamu , gosoota dhamjechoonni achi keessatti argaman keessaa dhamjechoota maqaafi gochimaa, rakkoolee gama kanaan KBfi QB keessatti argaman sakatta'uun ibsuudha. Kanaaf qorataan KBfi QB akka madda raga tokkoffaatti itti gargaaramee qorannoo kana geggeesseera.

3.3. Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti geggeeffame kitaabilee barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qoph'an irratti ta'ee boqonnaalee kitaabichi qabu keessaa xiyyeeffannoon isaa dhiyaannaa dhamjechoota maqaa fi gochimaarratti argamu xiyyeeffata.. Qabiyyeen dhamjechoota kitaabicha keessatti dhiyaataa isaan kam, haala akkamiin dhiyaatan, rakkoo isaan fidan sakatta'uurratti xiyyeeffataa kun. Qabiyyeewwan fufiilee kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan baay'ee muraasa ,Itti dabalees, ibsii fakkeenyi kennames balinaan waan hin dhiyaanneef rakkoolee kanneenfi kan biroollee furuuf furmaata barbaaduuf filatameera.

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamaa qaaccessa kitaabileefi ,barataa,qajeelcha ti.

3.4.1. Sakatta'an Dokimentii

Maddi meeshaalee funaansaa odeeffannoo jalqabaa qorannoo kan galmaan gahuuf filatame kitaabilee barataafiqajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopha'an kanneenii keessatti argaman sakatta'amaniiru. Kunis balinaan kan irratti xiyyeeffate,

gosoota dhamjechoota maqaafi gochimai rratti argaman; unkaa, bakka galmaa, tajaajilaafi qabiyyee kitabicha keessa jiran ibsaafi fakkeenya kenname adda baasu, haqindaalee jiran adda baasuufi furmaata barbaaduudha. Walumaagalatti dhamjechoota KB fi QB kutaalee kanneen keessa jiran maal akka fakkaataniifi akkamitti akka dhiyaatan sakatta'amanii dhiyaataniru.

3.5. Qaaccessa Odeeffannoo

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu meeshaalee adda addaatiin walitti qabameera. Malli qindaa'ina qorannoo kanaa immoo adeemsa qorannoo akkamtaatiin funaanamuun mala ibsaatiin dhiyaate, (Dastaa 2013:9). Odeeffannoon argames ragaan degeramanii ibsuun barbaachisaa akka ta'e niibsaa, meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanames qaaccceesa kitaabilee ti. Kaayyoon qorannichaa, bu'uura godhachuun akkaataa walitti dhufeenya isaaniin walitti fiduun ragaalee funaanamaa bifa barreeffamaatiin qinda'aniiru. Haalum kanaan ibsaa fi hiikni itti kennamee barreeffamaan qindaa'ee yaada hayyoota addaddaan deggeramee boqonnaa itti aanan j alatti dhiyaataniiru.

BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAAFI XINXALA RAGAA

Seensa

Mata duree kana keessatti haala dhiyaannaa Dhamjechoota Afaan Oromoo maqaafi gochimaa kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qopha'an keessatti dhiyaatan: qabiyyee fi bakka galumsaan, fayyadamaan fi tajaajilaan duraa duubaan dhiyaataniiru. Itti dabalees fufiileen kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan dhaaba dhabuun isaanii ,garaagarummaa isaanii adda bahuun , hanqina argameef yaanni furmaataa kan keessatti dhiyaateedha. Qaaccessi kunis kan taasifame kitaabileen kutaa 9ffaafi 10ffaaf dhiyaatanii jiran haareffamuun itti fufee akka qophaa'uuf yaadameeti. Kanaaf,kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee 9ffaafi 10ffaa keessatti qabiyyee dhamjechoota maqaafi gochima irratti argaman sakatta'uun hanqina jiru adda baasee furmaata isaa wajjin qorannoon kun dhiyeesseera. Argannoofi furmaanni dhiyaates boqonnaa itti aanu jalatti bifa gabaabina qabuun ka'ameera.

4.1. Qaaccessa Haala Dhiyaanna dhamjechoota Maqaafi Gochima

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti akkaataa meeshaaleen barataa fi qabiyyeen barnootaa ittiin qopha'aan adda baasanii beekuun galma gahiinsa sagaataa barnootaaf wantota barbaachisan keessaa isa olaanaadha. (MC. Douogh and Shaw 1993). Haaluma kanaan, haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima Afaan Oromoo kutaalee kanneenii mirkaneeffannaa kitaabilee keessatti argaman qaaceffamaniiru.

4.2. Dhamjechoota Hormaata Jechootaa keessatti

kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qoph'aan keessatti, haala jechoonii Afaan Oromoo horduudhaan tajaajila caasluga adda addaatif akka oolan,,akkaataa dhamjechoonni koorniyaa, Ramaddii saala kkf afaanichaa itti agarsiisan adda baasuuf mirkaneeffannaa dhiyaaterratti hundaa'uun qaaccessi taasifameera.

4.3. Haala Dhiyaanna Dhamjechootaa kitaabilee Barnootaa Keessatti

Dhamjechoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaa isaan qaban keessaa: Matima, danooma, henna, koorniyaa, ramaddii matimaafi gochima walsimsiisuufi kkf ibsuuf gargaaru. Kanneen kanas gabaabinaan haala itti aanuun ilaalla.

4.3.1. Dhamjechoota Henna Mul'isan

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni henna mul'isan gochimarratti mul'atu. Dhamjechoonni kunis, gochima gargartuu (auxiliary) fi gochima muummee(main verb) irratti henna darbe, henna ammaa fi henna dhufu agarsiisu. (Geetaachoo, 2009:86). Dhamjechoonni henna agarsiisan kitaabilee barataa keessatti haala akkamiin akka dhiyaata asii gaditti qaacceffameera.

(1)

a,Nuti dhufne

b,Isin dhufan

c, Isaan dhufan ...(KB, kutaa 9, fuula 90)

Faayidaa dhamjechoota (-e, -an) yoo ibsu (e) gocha raawwatame (-a)n danooma ibsuuf gargaara jedha. Afaan Oromoo keessattidhamjechoonni haala raawwii kana fufachuunkan tajaajilu gochima kanarraa ka'uun, jechi tokko {-a,-e,-aa}fufachuun haala raawwii yoo agarsiisu gae gochimaa jala gala jechuudha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu faayidaa dhamjechootaa keessaa tokko henna ibsuu yommuu ta'u, QB, kutaa 10ffaa fuula 12 irratti kan dhiyaate haala raawwiifi yeroo raawwii dhamjechoota agarsiisan adda baasuuf akka ta'e ibsee jira. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi haala raawwii ammaa raawwatamaa jiru mulisu{i}ykn. {-a} yoo ta'u, haala raawwii gochaa hin darbine muisanis {-aa}n gochima muummeeratti fufamee {-a}n immoo wixina ta'umsarratti fufame gocha hin raawwatamne agarsiisa

(2)

- a. Tulluun ni sirba,
- b. Abbaan Kiyya baadiyaa jirata.
- c. Ibbidi ni guba .
- d. Nuti barachaa jirra.
- b. Magartuun Sirbaa jirti. (QB kutaa 10 ,fuula 12)

Himoota armaan olii fakkeenya (1) irratti wixina gochimaa irratti Fufii {-a} fufuudhaan gocha amma raawwatamaa jiru ykn gara fuuladuraa raawwatamuu jedhu mul'isa fakkeenya (2) jalatti kan dhiyaatan immoo fufii {-aa} wixina gochima muummeeratti fufameeraawwiiitti fufaaagarsiisa., gochima gargaarturratti fufii {-a} fi{- i} fufamee gocha hin raawwatamne agarsiisa. Ibsa kanaa olii jechoonni fufiilee {-aa,-e,-a}fufachuun haala raawwii akka agarsiisan adda baafna .Haalli kunis, tajaajila caaslugaa keessaa tokko ta'uu ibsa.Kun immoo yeroo raawwii(tense) irraa addummaa qabaachuusaa mul'isa (Abarraafi Kaawwan,1998).

4.3.2. Dhamjechoota Hi'eentaa/faallaa/ Mul'isan

Dhamjechoonni hi'eentaa(negation)fi eeyyentaa(affermative)afaanicha keessatti gochimarratti mul'achuu danda'u. Kunis dhamjechoonni tajaajila kana agarsisan fufachuun ta'a. Dhamjechoonni mormii yookiin hi'eentaa agarsiisan haalli dhiyaannaa isaanii KB fi QB keessatti garaagara ta'anii mul'atu. Haata'u malee,dhamjechoonni mormii yaada tokko agarsiisu. dhamjechi {hin-, miti-} jedhaman gochima dura galuudhaan faallaa yaadichaa ibsu. (File 2015:140).

(3).

a. hin deemu

b. **mit mootummaa**(-KB kutaa 10 fuula 26)

c.**nideemna**

deem- Hundee jechaa

hin- = mormii /faallaa /agarsiisa

-u = dhamjecha boodaa waliin ta'uu mormii agarsisu

Mit= fufii duraa mormii agarsiisu

Moot=hundee jechaa

-ummaa=dhamjecha duubaa (maqeessituu)....

Haaluma kanaan dhamjechi {hin-, miti-} jedhaman jecha dura galuudhaan faallaa yaada duraanii ibsu.sabsbni isaas dhamjechoonni gurracheffamanii dhiyaataniin ala keessumaa fakkeenya a fi c irratti qaamoleen hafan walfakkaatu kanaaf garaagarummaa hiikaas ta'e uunkaa kan fidan dhamjechoota dabalaman jechuudha (a) jalatti gochaan deemuu kan hin raawwatamne ta'uu isaa{hin-}kan jedhu yoo nutty himu (c) jalatti immoo gochaan deemuu raawwatamuu isaa{ni-}tu nu agarsiisa. Hanqinni qixa kanaan gilgaalota kitaaba barataa keessatti mul'atu, haalli fayyadamni dhamjechoonni kanaanii garaagara ta'uu. Dhamjechoonni kun akkuma dhamjechoota biroo dura jechaatti fufamuun tajaajilaaf oolu. Haata'u malee, barreeffamoonni hanga ammaatti afaanicharatti dhiyaatan dhamjechoota kana jecharra butanii dhiyeessu. Haala kanaan kan dhiyaachuu qabu immoo, jecha malee dhamjecha miti. (Addunyaa 2013:17). "Afaanota hundaa keessatti dhamjecha jedhamee kan ofdanda'ee dhaabbatu hinjiru," jedha. Kana keessatti haalli of danda'anii dhaabbachuu amala dhamjechaa akka hin taane hubachuu dandeenya. Dhamjechoonni duraa {hin-, ni-, haa-, , miti-, wal- kkf} ta'anis amala kana akka qaban mirkaaneefannaan kitaabilee kanneen keessaa ni mulisu. kanaaf, dhamjechoonni kunneen haala dhiyaannaafi tajaajla isaanii waliin akka aramaan olitti ibsameen kitaabilee keessatti yoo dhiyaatan gaarii ta'u. Rakoon gama dhiyaannaa isaanii darbee darbee mul'tu yeroo tokko tokko itti siqamii yookiin irraa siqanii (dhaaba dhasuun) ni barreeffamu. kun immoo akkuma olitti kaafne waltaina afaanchaa walxataa waan taasisuf qopheessitoonni qophii kitaabilee keessatti fooyyessuu akka qaban qorannoon kun bu'uura ka'a.

4.3.3. Dhamjechoota Hedduminaa Agarsiisaa

Tajaajila caaslugaa hormaata maqaatiin mulatan keessaa lakkoofsi isa tokko. Dhamjechoonni haala waliigaltee hawaasaarratti waan hunda'aniif danooma ni agarsiisu. Mitikkuufi Tashoomee,(1992:28) irratti dhamjechoota, caasaa afaanii keessatti dagaagina afaanichaaf gahee olaanaa akka qaban ibsu. Kun KB (kutaa 9ffaa

fuula 49, KB kutaa 10 fuula 24) irratti dhiyaaleera. Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni danooma agarsiisaa {-wwan/-wan,(oota), -lii, -lee, -an, -n, yyii, -oo,-een} tu mul'ata. Haata'u malee , qabiyyee gilgaala barataa keessatti kan dhiyaate muraasa.

Jecha	dhamjecha
(4)	
.Jabbiilee/jabbboota	-lee/-oota
Fufiilee/fufoota	-lee/-oota
Fardeen/faradoo	- een/-oo
Gaaffiilee/gaaffiiwwan	- lee,- wan /-wwan
Beerran	- an
Raaddeen/raadolee	- een/-lee
Sareelee.saroota	- lee/-oota (KB kutaa 10ffaa fuula 24)

Dhamjechoonni fakkeenya kana keessatti dhiyaataa looga yookiin haala waliigaltee hawaasaa waan ta'aniif garaagarmmaa agarsiisani mul'atu. Garaagarummaa loogaa mul'atu keessaa bakka baay'eetti tajaajila kan kennu KB keessatti dhiyeessuu dha. Abarraa fi kaawwan (1992:23-24) Dhamjechoonni walta'ina afaanii ibsu keessatti gaheen isaan qaban olaanaa akka ta'e ibsu. Haayyonni dhamjechoonni heddumina agarsiisan jiraachuu isaaniirratti yoo waliigalan iyyuu, unkaalee dhamjechoonni dhimmicha agarsiisaa irratti bifa garaagaraa fayyadamuutu mul'ata. Abebe (2006), {-wan, (o) ota}, Abarraa fi kaawwan (1999) .Haalli kun immoo, caasaa afaanichaa garmalee bal'isuun walxaxaa taasisa. Akkasumas seera caasaa afaan sanaa dhaaba dhuwwuu yookiin wal ta'ina dhabsiisu. Chomsoky (1965) .Rakkoo qabata akkasiin caasaa afaanii keessatti mul'atu ibsu. "The more rules that we have the greater confusion that we creat and vise versa," jedha.

Afaan yoo barataniifi qoratan dhamsagni, dhamjechaafi jechi wal duraa duubaan galuun fayyadama afaan Sanaa ni waaltessu." Abarraa fi Kaawwan (1992:22). Kanaaf kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa, kitaabilee barnootaa kan qopheessan yaada kana ilaaluun akka afaanicha waltessuu danda'amutti qopheessanii dhiyeessuun gaarii ta'a. kun immoo Oromiyaa bal'aa keessatti garaagarummaa mul'tu hambisuuf gargaara. Addunyaa (2013:2). "Looga afaan tokko keessa jiru walitti fidanii waltessuun garaagarummaa jiru

dhiphisuuf gargaara jedha. Fakkeenya dhiyaate keessatti dhamjechoonni danooma agarsiisan garaa gara ta’anii mul’atu. Haalli akkasii Kun maqaa kessatti qofaa osoo hin ta’in gochimarrattis ni mul’ata

(5)

a. Nu’i Nibaranna

b. Isaan sun mana ijaaran

c. Isaan sun dhafan.....(KB,kutaa10ffaa,fuula24-25;QB,fuula,23)

Himoota kenneen keessatti fufiin danooman fakkeenya (a) keessatti /-na/, fkn 1b, 1c keessatti /-na/nta’a. isa fakkeenya (a) keessatti jechi ni +barat-na kana ture firoomnii sagaleen gara ni barannaatti jijjiirama. Dhamsagni fufii danooma dura ture, kan gulantaa /-t/n, gara /-n/tti jijjiirama. Jechoonni fufiin danoomaa itti fufaman, kutaan jecha isaan jalatti hiriiran gocha waan ta’anii danooma/-n/, /-a/n mulisu. Haata’u malee, maqaa yoggaa ta’an immoo fufii biraa fudhatu. (QB kutaa 10ffaa, fuula 23, KB kutaa 10, fuula 24) irratti akka itti aanutti ibseera. Iatiin danoomaa agarsiisu/-na/, (a) n/n mulisu jechuun ibsu. Fakkeenya armaana olii keessatti gochima ni baranna jedhu keessatti fufiin /-n/ jecha ‘baranna’ jedhurra jiru immoo, heddumina yoo agarsiisu, yemmu fufiin kun hundee jechaatti fufamu dubbifamaan lama dhumarraatti aanu yoo seera afaanichaa cabsu sirreessuuf/a/n saagantee. Hanqinni gama Kanaan mul’atu fufiin danooma gochima kanarratti mul’atu /-na/osoo hin ta’aane /-n/ waan ta’eef qophii kitaabilee keessatti garaa garummaan mul’atu dhiphisuun akka qopheessan qoraanoo kun yaada ka,umsaa kaa,ee jira. Fakkeenya armaan olii keessattigochima nibaranna jedhu keessattifufiin/-n/jecha ‘baranna’jedhurra jiru heddumina yoo agarsiisu, yemmuu fufiin kun hundee jechaatti fufamu dubbiffamaan lamadhumarratti aanuun yoo seera afaanichaa cabsusirreessuuf /a/nsaagamte.

4. 3.4. Dhamjechoota Beekamtummaa Agarsiisan

Dhimma dubbatamu tokko dubbataas ta’e, dhaggeeffataan duraan odeeffannoo isaa qaban ta’uu unki xinqooqaa agarsiisu jira. Afaan Oromoo keessatti unki xinqooqaa kun kan ofdanda’ee hin dhaabbannee of keessatti hammachuu danda’a.

(6).

jecha

a. Saricha

b. niitiittii

fufiilee

-lcha

- itti(KB,kutaa9ffaa,fuula38)

As jalatti kan dhiyaatan, dhamjechoonni tajaajilli isaanii beekamtummaa yoo ta’u. bu’uuruma Kanaan jechoota kanarraa dhamjechoonni {-ch, fi -ttii} dhimmi dhiyaate sun dubbataanis ta’e dhaggeeffataan kan duraan waa’ee isaa beekan ta’uu agarsiisu. Beekamtummaa kana keessattis {-ch} dhiira {-ttii} dhalaa ta’uu agarsiisa. Hanqinni gama Kanaan mul’atu yemmuu waa’ee dhamjechoonni akkasii dhiyeessan tajaajilli dhamjechoota kanneenii ifatti waan hin ibsineef kitaabicha keessatti ibsuun gaariidha.

4.3.5. Dhamjechoota Firjecha Agarsiisan

firjechaan ni uumamu. Firijechi bifa dhamjechi tokko jechoota garaa keessatti bakka addaa galuun dhiibbaa bakkicharraa irra gahuun argatuudha

(7)

.a. jabbiilee jabboota, fardeen Jaarsolii, beerran)

b. hintaane, himbeeku, hillaanne

Dhamjechoonni fakkeenya (a) jalatti gurraacha’anii kan dhiyaatan danooma, (b) jalatti kan jala gurraacha’aniikan dhiyaatan immoo mornii agarsiisuuf galan . Fakkeenyi asiin olitti kenname unka jechoonni kunneen qabanirratti hundaa’un gaaraagarummaa haa qabaatan male tajaajila yooiin hiika tokkoof waan oolaniif firjecha dhamjechoota afaan tokko keessa jiran ibsuu waan ta’eef, guddina afaamichaaf baay’ee barbaachisaadha. Hanqinni gama Kanaan kitaabilee baratan keessatti mulatan, dhamjechoonni firjecha akka qabani, garaa garummaan firjechaa fi haalli dhiyaannaa isaanii akkam ta’u akka qabu kitaabicha keessatti wanti ibsame hin jiru. Kun immoo guddina amma Afaan Oromoo irra jiruu wajjin waan wal hin simneef qopheestoonni sirna barnootaa yemmuu kitaabilee qopheessaa haaniqina gama kanaan hubatanii yoo qopheessan gaarii ta’a. Haata’u malee, dhamjechoonni kunneen tajaajila kamiif akka oolan hin ibsine. Kanaafuu, dhamjechi jecha kanarraa bahe osoo hin ibsamin hafuun hanqina fakkaata.

Mikaneeffannaa kanarraa hubachuun kan danda'amu dhiyaannaan dhamjechoota Afaan Oromoo caasaa afaanichaa irratti hundaa'uun bakka addaddatti qoodamu. Bu'uurri qooddii kanaas, unka, hiika, bakka tajaajilaafi qabiyyee isaan afaanicha keessatti qabaniin adda baasani KB keessatti dhiyeessuun barbaachisaadha.

4.4. Akaakuu dhamjechoota

Akaakuun dhamjechoota Afaan oromoo akkuma afaanota biroo bakka garaagaraatti qoodamuudanda'u. Buurri qooddii kanaas, irra caalaan tajaajila ,uunkaafi qabiyyee isaaniiti. Haaluma kanaan, qabiyyeesaani irratti hundaa'uun ofdanda'aafi hirkataa. Dhamjechoonni kunis qooddii gooree addaddaa ofjalaa qabu ..

4.4.1. Bu'uuraTajaaila

Dhamjechoonni hirkatoon tajaajila caasluga afaanii keessatti qaban bu'uura taasfachuun iddoo lamatti qoodamu. Dhamjecha hortee fi yaasaa/umamtee dha. (Mitikkuu fi Tashoomee, 1992). "Dhamjechoonni horteen hundee jechaatti maxxanuun tajaajila caaslugaaf kan oolu yoo ta'u ,umateen hiika yookiin garee jechaa jijjiiruuf kan gargaaraniidha," Jedhu. Kanaaf, faayidaa dhamjechoota kanneen KB fi QB barnoota Afaan Oromo kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qophaan keessatti akkaataa argama isaanii haala itti aanuun qaaceffamee dhiyaatee jira.

(9).

Jecha	hundee	dhamjecha duraa	fufiiboodaa
Namoota	nam-	-	- oota
Gaddeemtuu	deem-	gad-	-tuu
Fardeen	fard-		-een
Mitimootummaa	moot-	miti-	-ummaa

Fakkeenya kana keessatti akkaataan qooddii dhamjechoonni kanneeniifi ulaagaa maaliin akka maxxanfatan wanti ibsame hin jiru. Gama biraan immoo akkumma mul'atu .Dhiyaannaa kana keessatti fufiin naannee jiraatillee waa'ee fufiin kanaa hin kaasi bira tareera. Kun immoo, Haa ta'u malee, dhamjecha kana kitaabicha keessatti kaasuu dhiisuun hanqina . kanaaf, haala itti aanuun osoo dhiyaateera ta'ee gaariidha.

(10)

- a.namoota, **nam**=hundee, **-oota**(fufii danoomaa)
- b.Gaddeemtuu **,gad**=fufiiduraa **,deem**=hundee **,-tuu**=fufii boodaa
- c.Fardeen **,fard**=hundee **,-een**=fufii danoomaa
- d.Mitimootummaa **,miti**=hundee, **,moot**=hundee **,-ummaa**=fufii boodaa

Haaluma wal fakkaatuun hanqinni as keessatti mul'atu inni biraa immoo dhiyaannaa dhamjechaa irratti yoo ta'u, fakkeenya (d) jalatti jecha dhiyaate irraa ilaaluu dandeenya. Innis qajeelfama kennameefi dhamjechoonni jiran garaagara ta'uudha. Jechoota dhiyaatan irraa dhamjecha duraafi duubaa baasuun a garsiisi jedha. Jecha 'miti mootummaa' jedhu kana yoo ilaalle, dhamjechi irraa bahuu danda'an {miti-, fi -ummaa} dha. Dhamjechoonni duraafi duuba jecha tokkotti, si'a tokko galuun tajaajila caaslugaaf oolu fufii naanneeti. (Haspelmaths 2002:28). Akka yaada hayyuu kanatti, dhamjechoonni lamaa fi isaa duraa fi duuba jecha tokkootti maxxanuun bu'uura jecha itti naanna'een tajaajila tokkoof yoo dhaabbate fufii naanee ta'uu isaati. Kanaaf, waa'ee fufii naanee mata duree kitaabicha ykn gilgaalota dhiyaatan jalatti wanti ka'ame hin jiru. Kana jechuun xiyyeeffannoo hin laanneef jechuudha.

Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa tajaajila dhamjechoonni kunneen dagaagina afaanichaaf buusan hubatanii haala ifaa ta'een ibsuu qabu qabiyyeewwan kanas yemmuu ibsan tokko tokkoo osoo ibsame, barattoota haalaa hubachuuf gargaara. File, (2015:7) "Dhamjechoonni umamteen garee yookiin hiika jechaa jijjiiruuf kan oolan yemmuu ta'u, dhamjechoonni horteen immoo caasluga agarsiisuf oolu" jedha. Kanaaf dhamjechoota tajaajila akkasiif oolan adda baasanii ibsuun barattootaaf murteessaadha. (KB, kutaa 10ffaa, fuula 49) keessatti maalummaafi faayidaa dhamjechootaa dhiyaate, dhamjechi hiika argachuuf jecha biraa kan mataasaa danda'ee dhaabbatutti maxxanuu qaba. Gama biraan hirkatyuu jechuu dandeenya. Fakkeenyaaf dhamjechi **gad**-jettu hiika qabaattus, hiikni ishee ifaa kan ta'u yoo jecha of danda'a tokkotti hirkateedha. Kanaaf faayidaan dhamjecha kanaa hiika dabaluuudha. Hanqinni yaadolee armaan olitti ka'an irraa hubatamu dhiyaannaa akaakuu dhamjechootaa keessatti, dura akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo jiran erga adda bahanii booda tokko tokkoo isaanii fakkeenyaan deggeruun ibsi bal'aniif itti kennamee, ergasii booda unki isaanii qofa qofaatti osoo

hintaane tajaajilafi hiika dhamjechoota addaddaa wal bira qabuun ibsuu qabu. (Harmer, 1997).

Qorataanis akka qorataa tokkootti fufiilee naanneen akka Afaan Oromoo keessa jiran garuu, KB barataa keessatti akka hin dhiyaatin adda baasee jira .kanaaf, qopheesitoonni KBfi, QB barnoota Afaan Oromoo kutaa kanaa hanqina kana fakkaatan ilaalanii sirreessuun akka fooyyessan qorannoon kun ibsa.

4.4.2. Unkarratti Hundaa'uun

Dhamjechoonni Afaan Oromoo unka qabanirratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi hirkataa jedhamanii qoodamu. Yaada kana ,Maartaa (2006:7) unkarratti hundaa'uun , dhamjecha hirkataa fi ofdanda'a jechun iddoo lamatti qooddee jirti. Haata'u malee, xiyyeeffannoon mata duree kana jalatti kan ilaaluu waa'ee dhamjechoonni kanaa waan ta'eef, haala dhamjechoonni kanneen itti dhiyaatan, tajaajila isaanii ilaalla. Dhamjechoonni hirkataan qofaa isaa dhaabbatee hiika kan hin laanneefi jecha itti maxxanee wajjin hiika qabaachuu kan danda'u ta'uusaati. Kanaaf, dhamjechi hirkaataan tajaajila adda addaaf oola. fkn. Jecha "namoota' jedhu keessatti dhamjechi{-oota} jedhu, hirkataadha. Tajaajilli isaas baayina ibsuun hiika jechichaa dabalee jira. Kanarraa kaa hubatamu {-oota} dhamjechi jettu jecha kanatti dabalammu tajaajila danoomaa (tokko ol) ta'uu isaa ibsee jira. Abarraafi kaawwan, (1998:38); Tolamaariyaam (2011:47) dhamjechi hirkataan unka mataa isaa qofaatti akka hin qabne ibsanii jiru. Qorataa kunis yaaduma hayyoonni armaan olitti ibsanfi ragaalee kitaabaargateen yaaduma kana mirkaneesse .(KB kutaa9, fuula 26) jalatti akaakuun dhamjechootaa dhiyaatan yaaduma kana mirkaneessu. Dhamjechoonni fakkeenya dhiyaate kana yoo ilaalle akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo bakka afuritti qoodee jira. Haata'u malee, kitaaba kana keessatti akaakuun dhamjechootaa akkaataa akkasiin qoodamanii fakkeenya waliin hin dhiyaanne.

(11).

Jechaa	hundee	latii walabaa	latii hirkataa
Nyaachise	nyaat-	nyaat-	-sis,-e
Jibichi	jib-	jib-	-ichi(KB kutaa 9ffaa,fuula26)

Fakkanya kana KB fi QB keessatti dhamjechoota haala Kanaan qoodee dhiyeessuun akaakuu dhamjechootaa qooduun dogoggora fakkaata fakkaata. Sababni isaa fakkeenya kana keessatti hundee jechaa 'nyaat-'fi 'jib-'akka dhamjechoota ofdanda'ootti dhiyeessee jira. (Maartaa,2006) .As jkeessatti dhamjechoota hirkataafi ofdandaatti qoodee jira. Achi keessatti immoo hundee jechaa akka dhamjecha ofdandaatti kaa'eera Hundeen jechaa qaama jechaa dhamjecha tokkollee ofitti hin maxxanffanneedha. Kanaaf haalli dhiyaannaa isaanii ifaa miti. Gama biraan immoo hundeen jechaa baay'een isaanii hirkatoodha kan jedhus olitti ibsameera .As keessatti hundee jechaa akka fufii ofdanda'atti dhiyeessuun hanqina biraati. Hundeen jechaa bu'uura hiika jechaati malee fufii hirkataa miti.(Geetaachoo,2009:59) .kanaaf,yaada dhaaba hin qabne akkasii kitaabilee barataa keessatti dhiyeessuun dogoggorsuu caalaa osoo akkasitti dhiyeessanii gaarii ta'a. Innis jechootta dhiyaatan dhamjecha hirkataafi fufii ofdanda'atti hiraniitti aansuun ,hundee jechaafi dhamjecha hirkataatti akka qoodan yoo godhan ifaa ta'a. Hanqinni biraa immoo fayyadama sarara xiqqaati. fakkeenya{-sis-, -ch-} haala Kanaan dhiyaatanii jiran kun immoo dhamjечи gidduu isaan taasiseera. Sababni isaa gama lamaaniin maxxanfachuu danda;u jechuudha. Gama biraatiin immoo gama fayyadama dhamjechoota Kanaan yoo ilaalle jecha nyaachisise; jedhu keessatti, dhamjечи {-ch} jedhu firoommii sagaleetii gara {-t} jijjiirame jira, kun immo kitaaba barata keessatti ifa ta'uu dhabuun isaa hanqina (Maartaa,2006).

4.4.2.1. Dhamjecha Walabaa

Gosni dhamjechoota kanaa ofdanda'anii kan dhaabbatan yoo ta'an, qabiyyee mataasaanii kan qabaniifi hiika tokkoof kan dhiibbataniidha. Dhamjechoota akkanaa dhamjechoota tajaajila tokkoo ol qabanitti qoodamuu danda'u. kun immoo yaadrimee dhamjechaatiin adda ta'a. sababni isaas, dhamjечи hiika tokko ol qabaniitti qoodamuu waan

hindandeenyeef. Kanaafuu, dhamjechi akkasii Afaan Oromoo keessatti kanneen bakka maqaalee maayii (case) galan fakkaatu (Addunyaa, 2011)

(12).

a. Jabichi hodhe

b. Fayyisaan qotiyoo isaa nyaachisee

Fakkeenya kana keessatti jechi ‘jabbichi’ jedhu latiilee lama irraa ijaarame; jab-+ichii kan jedhurraa akka ijaarame ibsa. Hima (b) keessatti jechi ‘nyaachise’ jedhu latiilee nyaat-+-sis-+-e jedhamaa latiilee sadiirraa ijaarameedha. Himoota kana keessatti latiin inni jalqabaa hiika mataasaa waan qabuuf ofdaada’e qophaasaa kan dhaabbatu waan ta’eef latii walabaa jedhama. latii kan akka /-ch/ fakkeenya (a)keessatti kan argaman, /-s/, /-e/ kan fakkeenya ‘b’ keessaatti argaman latii wabalaatti hidhaman malee, kophaa isaanii dhaabbachuu hin daada’aa, hiikas hin qaban . kanaafuu latii, wabalaa jedhama. Kanaaf fufiin hiika kan qabu ta’ee qaama xiqqaa afaaniiti. Kana jechuun fufiin tokko, dhamjechoota hiika qabeessa birootti qoodamuu waan hindandeenyeef fufii walabaa fi hirkataatti qoodamu.

Fakkeenya ‘nyaachise’... kan jedhu keessatti dhamjechi {-ch} jedhu hirkataadha. Tajaajilli isaa Hiika jechichaa dabalee jira. As jalatti kan ilaallu biroon xiyyeeffannoo kan agarsiisu ta’uusaati. Haata’u malee ,KB kuneenn dhimmi kana waan kaasuu hin qabu. Tolamaariyam (2011:47), Abarraafi Laawwan (1998:39) yoo ibsan latii yookiin dhamjechi walabaa qofaa isaa kan dhaabbatu ta’ee, unka tokkko qofaan dhiyaata.” Jedhu. Kana jechuun dhamjechi walabaa unka tokko qaba jechuudha. Faallaa kanaa immoo dhamjechi hirkataan unka mataasaa qofaatti akka hin qabne ibsanii jiru. Kitaabni barataa kutaa 10ffaa fuula_49_ yaada kana kan deggeru. Qorataanis yaaduma olitti ibsame kana mirkaneessan.

(12)

a. Jabichi hordhe. **jab**-(latii walabaa, hundee); **-ichi**=(fufii hirkataa)

b. nyaachise **nyaat**-(hundee jechaa, walaba); **sis**-(hirkataa); **-e**(hirkataa, hennaa darbe)

Ibsi kitaaba barataa keessatti dhiyaate akka kanatti dhiyeessee jira. Unkarratti hunda'uun dhamjechoonni hirkataafi ofdanda'atti qoodna. Hundeen bu'uura hiikaa kan dhamjecha ofirraa hinqabne. Haalli fayyadamaaa sarara xiqqaa dhamjechoota kanaa wajjin jiraniillee dogoggora qaba fkn{-sis-} jedhee jira, kana jechuun maxxatuun kun maxxantuu gidduuti kan jedhuu ta'a.

4.4.3. Qabiyyee Isaan Qabanirratti Hundaa'uun

Dhamjechoonni Afaan tokko keessatti argaman qabiyyee isaanii irratti hunda'anii dhamjechoota dhokataafi dhamjecha tajaajila tokkoo jechuun qoodamu. Akaakuun dhamjechoota kanaa Afaan Oromoo keessattis, ni mul'atu (Abarraa fi Kaawwaa, 1998)

4.4.3.1. Dhamjecha tajaajil tokkee

Dhamjechoonni tajaaji tokkee unka addaddaa ta'anii tajaajila tokko qoban of keessatti hammnta. Akaakuun dhamjechoonni kanaa Afaan Oromoo keessatti caalaatti ifa gochuuf fakkeenya itti aanee dhihaateera.

(13)

.Jecha	fufiilee	jecha ijaarame
Daandii	-wwaa	daandiiwwan
Bineesota	-ota	bineessota
Furda	-een	fardeen
Tooftaa	-lee	tooftaalee
Laga	-een	laggeen
Beera	-an	beerran

(kitaaba barataa kutaa 10ffaa, fuula 24)

Fakkeenya kana keessatti dhamjechoonni olitti ibsaman {-ota-een, wan,-an} dhihaatan uunkaan addaadda. Haa ta'u malee, tajaajila caaslugaa Afaan Oromoo tokkoof kan dhaabbatniidha. Tajaajili dhamjechoonni kunneen dhaabbatanfis, danooma agarsiisuudha. Kanaafuu, dhamjechoonni unkaalee addaddaa qabaatanii tajaajila tokkoof ykn hiika wal

fakkaatuuf afaan tokko keessatti argaman dhamjechoota tajaajila tokkoo ta’u. (Gragg, 1976, Abdulsamad, 1994)

Hanqinni gama Kanaan mulatu dhamjechoonni Afaan Oromoo hedduun osoo jirani, kitaabilee barataa keessatti kan dhiyaatan kanneen murtoofte duwwaadha. Akkasumas, dhamjechoonni hedduminaa maqaarratti maxxanan heddummachuun waalta’ina afaanii irratti dhiiibbaa qaba. Kun immoo afaanicha walxaxaa taasisuun dhaaba dhowwa. Rakkooleen haala akkasiin mul’atan baruu barsiisuu barattootaarratti gufuu waan ta’eef; qophii kitchbaa keessatti dhimmi kun gadfageenyaan ilaalamuu qaba.

4.4.4. Bakka Argama Irratti Hundaa’uun

Bu’uura bakka argama jechoonni qaban irratti hundaa’uun dhamjechoonni hirkatoon bakka garaagaraatti akka argaman boqonnaa darbe jalatti ibsameera. Haa t’au malee, barnoota Afaanii keessatti bakka argaman dhamjechoonni iddoo afuritti kan qoodaman yoo ta’u. afaan Oromoo keessatti irra caalaa hanga ammaatti kan itti dhimmi bahamu dhamjechoota duree, duubeefi naanneeti. (Maartaa (2006:7) “Gosoonni dhamjechoota hirkata jedhamanii beekaman, hundee jechaa dura, gidduu, duubaafi duraafi dnuba galuun hiika jechicha murteessuu.” Jetti. As keessatti akka hanqinatti kan mulatu dhamjecha naannee kitaabilee kaaneen keessaa dhibuu saati. Kanaafu, bakka argama fufiilee osoo hin ilaalin maalummaa hundee jechaa ilaaluun gaariidha.

4.4.4.1. Hundee jechaa

Hundeen buuuraa hiika jechaati. Jechi kamiyyuu hundee isaa malee hiika argachuu hin danda’u. MC Dougal, Little (1989). “Hundeen jechaa qaama handhuura jechootaaati, Qaamoleen jechoota biroos, hundee jechaa kana irratti dabalammuu jechoota haaraa uumu”jedhu. Haata’u malee, hundeen qaama jechaa kan dhamjecha ofirraa hin qabne yoo ta’u, Afaan Oromoo keessatti baay’een isaanii hirkatoodha. Gama biraatiin immoo hundee jechaa ilaalchisee KB, fuula 26, irratti fakkeenyi dhiyaate.

(14)

a. Sarummaa, namooma, fardeen

b, Jalqabuu, nyaachise

Fakeenya kana keessatti hundeen jechaa (a) jalaa maqaalee yoo ta'an , dhamjechoonni yoo irraa bahaan hundeen jecha {sar-, nam-, fard-} ta'u, kan (b) jalaa immoo gochima, dhamjechoonni yemmuu irraa bahaan hundee jechaa {jalqaba-, nyaaf-} ta'u. kanaafuu Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa gosa dhamjechoota hirkatoodha. Hundee jechaa ilaalchisee kitaabilee keessatti yemmuu dogoggoraan dhiyaatan nimul'atu . Fakkeenyaaf kitaaba barataa kutaa 9ffaa ,fuula90,gilgaala10 jalatti haala itti aanuun dhiyeessa. Qajeelfama gochima hundee kanaa gadiirratti matima qeenxeefi danuu fayyadamuu hima ijaari

(15)

. 1.deem 2.nyaat 3.bit
4.reeb 5.ajjees -----

hanqinni kana keessatti mul'atu kanneen armaan olitti tarreeffama kun jechaafi hundee jechaa ta'uu isaa wanti addaan baasu hin jiru. Sababi isaa jecha jechuuf hiika hinqabu hundee jechaati jechuuf jechicha boodaan sararri xiqqaan jiraachuu qaba .kanaaf hundee jechaa ta'uu isaa mul'isuu hundee gochimaa waan te'eef karaa boodaa sarara xiqqaa galchuu qaba. Dogoggorri akkasitti mul'tan kun yoo hin sirreeffamne barattoonni yaada qabatamaa waa'ee hundee jechaarratti akka hin qabannee taasisa. Dhiyaannaan dhamjechaa akkamittifi eessatti akka dhimma itti ba'aan addaa baasuurratti waan isaan rakkisuuf qopheessittonni kitaabilee keessa deebi'anii qulqulleessuu akka qaban qorannoon kun lafa ka'a.

4.4.4.2. Dhamjecha duubaa

Barreeffamoonni hanga ammaatti turan fufii kana jecharra butanii dhiyeessu. Haala Kanaan dhiyaachuu kan danda'aa immoo jecha malee fufii miti. Afaanota hundaa keessatti fufii jedhamee kan ofdandaae dhaabbatu hin jiru. Haalli of dandaanii dhaabbachuun amala jechaati male kan dhamjechaa miti jechuudha. Dhamjechoonni {yaa-, hin-, al- haa-, miti-, wal-, ni-} fa'a ta'an gama isaan ittiin jechootti fufannaaniin

sararri xiqqaa (-) jiraachuun kan duree ta'uu ibsa. Dhamjechoonni akka {hin-, ni-,} yeroo baay'ee gochima dura galamii jijjiirraa hiika kan fidu. Dhamjechoonni kunis waan of hindandeenyeef jechatti maxxanami barreeffamu. Haata'u malee, kitaabilee kanneenii keesatti yemmuu walmakamanii dhiyaatan argamu. Yeroo tokko tokko itti siqanii yeroo bira ammoo irraa hiiqaanii argamu, kun immoo seera caasaa afaanicha walitti fiduu keessatti rakkoo waan qabuuf qophii sirna barnootaa keessatti of eeggannoon itti kennamu qaba. Kanas fakkeenya itti aawn ibsina.

(16) **hindeemu**= {hin} mormii agarsiisa

.**Alsadii** = {al-} baayina gocha raawwatamanii

Hin deemu

Dhamjechoonni duraa kunneen KB keessatti haala olitti kaa'meen osoo fakkeenya bal'aa wajjin kennamee barattoonni haala salphaa ta'een hiikaa fi faayidaa dhamjechoota duraa akka hubatan ni gargaara.

4.4.4.3. Dhamjecha gidduu

Kun hundee jechaa addaan saaqee gidduu galuun tajaajila addaddaatiif kan ooluudha. Afaan Oromoo keessatti hiika ykn tajaajila qabatamaa qabuun kan mirkanaa'e hanga ammatti dhamjechi kun hin mul'atu. Haaluma kana fakkaatuun dhamjecha kana ilaalchise KB kutaa 9ffaa irrattis kan dhiyaate yaaduma kana tumsa.

4.4.4.4. Dhajecha boodaa

Akaakuun dhamjecha kana hundee jechaatti tokkootti karaa boodaa maxxanuun tajaajila caaslugaafi hiika jechaa jijjiiruuf fayyayada. Akaakuufufiilee Afaan Oromoo keessaa kenneen biroon wal bira qabamanii yoo ilaalaman baayina qabu.(KB kutaa 10ffa, fuula 26)keessatti

fufiileen matima mul’iisan akka fufii duubaati

(17) .a. Jabichi hodhe.

{chi}=matima mul’isa

b. Tolaan qotiyoo midhaan nyaachise

{n}=matima mul’isa

Maqeessitoota akka dhamjecha duubaatti

- (18) 1. Ijoollummaa {-ummaa}= maqeessituu
2. Sarummaa {-ummaa}= maqaa qabatamaa
3. Firooma {-oome}= gara qabatamaa
 {-oom-}= gochimee

dhamjechoota henna agarsiisan akka fufii duubaatti

- (19). deemte {-e} = yeroo darbe
 dhufan {-an} = danooma
 deemuuf {-uu}= henna egerte
 nyaachaa jira {-aa,-a}

dhamjechoota danooma akka fufii duubaatti

- (20) -namoota {-oota} = danooma agarsi
 Jaarsolii {-lii}= danooma
 Saamtota {-ota} = danooma

dhamjechoota boodaa ramaddii, koorinyaa, henna agarsiisan

Isheen deemte

{-t-} koornyya dhalaa, ramaddii 3ffaa, ramaddii 2ffaa

As jalatti akka hanqinaatti kan ilaallu bakka tokko tokkotti haalli qoodaniisa illee dogoggoa kan qabu, gama biroon immoo dhamjechoonni kanneen haala kanaan haa qoodu malee faayidaafi tajaajila dhamjechoota kanneeni wanti ifa ta’e hin jiru. Dhamjechi duubeen hundee jechaatti karaa boodaa maxxanuun tajaajilaaf akka ooludha. Hiika jijjiiruuf ykn dabaluuf fufiin kun hiika mataa isaa kan kennuudha. (MC Dougal, Little, 1989:337). Bakka argama isaatiin akaakuu dhamjechi isa kamtu tajaajila kanaaf

akka oolu ibsame hin jiru. Kanaaf qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana kan dubbisan kitaaba barnootaa yemmuu qopheessan faayidaa dhamjechoota duubaa adda baasanii akka qopheessanif isaan gargaara.

Jecha	hundee	fufii duraa	fufii boodaa
(21) Hindeemu	deem-	hin-	-u
Hin nyaanne	nyaat-	hin-	
Ni deema	deem-	ni-	-
Namoota	nam-		-0ota
Al sadii	sadii	al-	

Fakkeenya armaan olii keessatti maxxantoon duraa jala sararaman hieetaa fi eeyyentaa {hin, -ni} agarsiisu. Isaanis yemmuu jechicharratti fufamaa jijjiirraa hiikaa fidu. Afaan Oromoo keessattis yeroo baayee itti tajaajilamna. Akaakuu dhamjechoota kanaas, fufiilee duree biroo irraa kan adda taasisu, gochimatti fufamuun jijjiirraa hiikaa fiduu isaaniiti. Haala Kanaan immoo dhamjechoonni yaasa (Derivational) ta'uu isaaniti (Addunyaa 2013:126). Kanaaf qopheessitoonni qophii kitaabaa yaada akkasii ilaacha keessa galchuun kitaabilee barnootaa yoo qopheessan gaarii ta'a.

4.5. Dhamjechoota Umamtee /Yaasaa

Dhamjechoonni umamteen garee jechaa Afaan tokkoofi hiika jechaa afaan tokkoo jijjiiruuf qaama jechaatti kan maxxanuudha.” The derivational morphemes are used to make a new words in the language and are often used to make a words of different grammatical category from the stem” (Yule, 1996). Dhamjechoonni umamteen Afaan Oromoo keessattis, akkuma afaanota biraa keessatti mul'atu garee jechootaa maqaa, maqibsaa fi gochimatti fufamuun yerumuu jechoota haarawaa itti uuman ni mul'atu “The oromo language is very productive in word formation by different means one method is the use of different derivational suffixas”(Matthews, 1991, Gragg, 1976).

Umama jechootaa kana keessatti dhamjechoota hirkataafi of danda'an walitti qindaa'uun jechoota haarawaa tokko uumuu danda'u. Haala umama jechootaa kana keessatti jechi umamu tokko dhamjechoonni of danda'aafi dhamjecha hirkatoo hiika irraa kan

umamaniidha. Jechi kunis, hiika lamafi isaa ol qabaachuu kan danda'uufi garee jecha duraa rraa kan adda ta'e ta'uu danda'a,(Radford, etal, 1991, yule, 1996, Ijaaraa, 1999).

Afaan Oromoo kessattis, dhamjechoonni hundee jechaatti fufamanii jechicha gara maqessituu gochimeessi jijjiiran ni mul'atu. (Gragg, 1976, Catherine, 2001)

Maqessituu/Nominalizers/

(22) Jecha	fufii duraa	jecha umame
Nama	-ummaa	Namummaa
Fira	-ooma	firooma
Saree	- ummaa	sarummaa

Fakkeenya kana jalatti maqaaleen tarreeffaman fufiilee boodaa {-ummaa, ina...} ofitti maxxanfachuun maqaale umamtee unkaan adda ta'an uumanii jiru. Unkaaleen maqaalee umamtee jalatti argaman maqaa killayyaa (Abstract noun)ti maqaan 'Nama',' Fira ' jedhaman maqaalee mul'atan (concreat noun)yoo ta'an kanneen isaanirraa uumamaa "Namummaa', 'Firooma' immoo, unkaalee maqaalee killayyooti. Haaluma kanan Afaan Oromoo keessatti maqaan tokko fufiilee addaddaa ofitti maxxanfachuun maqaa biraa uumuu akka danda'u hubachuu dandeenya. (Abdulsamad, 1994)

Gochimeessitoota (Verbalizers)

Gochimoonni gareewwan jechoota addaddaarraa uumaaau danda'u. Fufiileen jechatti maxxanuun gocha uumanis bifa addaa qabu.

(23) Jecha	gochimeessituu	jecha umami
1. Fira	-oome	firoome
2. Nyaata	-sis-e	nyaachisise

Fakkeenya kana jalatti {-sis- } gochimeessitoota jalati ramadamu. Gareen jechaa isaan irraa uumaman immoo maqaa, gochima ta'uu danda'u. Kunis, fakkeeniyicha keessa jecha umamtee jalatti argamu. Dhamjechoonni kunneenis dhamjechoota hortee dura ykn hundeetti aanee galuun hiika jechaa jijjiira. Hanqinni gama Kanaan jiru;qajeelfamni

Kitaabilee barataa keessatti kenname dhamjechoota addaan baasi jedha malee ,tajaajilafi haalli fayyadama fufiilee kaaneenii ifa ta'ee hin dhiyaanne . Kun immoo ofiin ba rachuu barattootaarratti dhiibbaa waan qabuuf, qophii kitaabaa keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaba.

Qophii kitaabilee barnootaa keessatti qabiyyeen barnootaa qophaa'u. sadarkaa barattootaan kan wal simu, barattoota kan hawwatu, mariisiisuuf kan mijatu, irradeddeebii kan hinqabneefi kan barattoota yaachisu ta'uu qaba. Harmer (1987:471),” kitaabni qophaa'u kan barattoonni daree keessatti waliin mari'achaa akka baratan taasisu yoo ta'e gaamiidha,” jedha. Kana jechun qabiyyeen barnootaa qophaa'u kan ibsi gahaan barattootaaf irratti kenname ta'uu qaba. Dhamjechi Afaan Oromoos karaa kitaabafi barreeffama keessatti dhiyeessuun ni dandama. Kanaaf qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana akka kau'amsa fudhatanii KBfi QB qopheessuun dagaagina caasaa afaanichaa ni gargaara. Dhamjechoota kanas karaa ifa ta'een waace caasluga afaanichaa gilgaala keessatti barsiisun ni danda'ama. As keessatti barattoonni wanta kitaabafi barsiisaan dhiyaataafi qajeelfama kenname bu'uura taasifachuun baratu. Harmer (1987) “Karaa ifa ta'een barsiisuu yookiin kitaaba qopheessuu keessatti ibsaaf fakkenya addaddaatu kennama barattoonni, fakkeenyaafi ibsa kenaamerratti hundaa'ni hejietu” jedhe. Yaaduma kana irratti hundaa'uun haala dhiyaannaa dhamjechootaa KB keessatti dhiyaatan yoo ilaalle irraa caalaan yaada Kanaan wal hin fakkaatu. Sababni ragaaleen sakattiinsaa darbee darbee haaqinni kan jiru adda baaseera. kanaaf rakkoolee kana salphisuuf dhiyaatu keessatti qabiyyeewwaniif ibsiifi fakkeenya gahaan waliin dhiyachuu qaba.

- (24) a.Nu'i ni baranna
b.Isaan sun dhufaa
c.Isheen dhufte(KB,kutaa,9ffaa,fuulf ,90)

Himoota kana keessatti dhamjechoonni danooma agarsiisan (-n,ykn -an}. dhamjecha koorniyaa agarsiisan {-t} fufii henna {-e} ta'uu ibsi itti kennamee jira. Egaa yaada asii olitti ibsaman irraa wanti hubatamu irra caalaan shaakala dhamjechoonni KB kutaa 9ffaa 10ffaa dhiyaate jiru ibsaafi fakkeenya kennun akka ta'e qorataan kun adda baase jira.

Haata'u malee irra caalaan haadhiyaatu malee bakka tokko tokkotti immoo, fakkeenyi bal'aafi ibsi gahaan akkasumas qajeelfamni sirrii waan hin kennamneef, qophii kitaabilee barnootaa keessatti wantonni akkasii hubannoo keessa galanii dhiyaachu qabu.

4.6. Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechootaa karaa alkallattii

Mata duree kana jalatti kan ilaallu akkamitti dhamjechoota caasaa afaani karaa alkallattifi haala salphaan seera afaanichaa adeemsa keessa barattoota akka barattan goona yaada jedhutu ibsama. Harmer (1987), "Karaa kallatti ta'een caasaa afaanii kitaaba keessatti dhiyeessuun barattoonni haala solphaa ta'een adeemsa keessa akka afaanicha baratan gorgaara," jedha. Haata'u malee KB fi QB kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti haalli akkasii hin mul'atu. Qabanni isaas dhamjechoonni ilaalchisee wanti dhiyaate gilgaala. Kitaabicha keessa hin jiru. Fkn KB kutaa fuula 26 jalatti shaakala dhamjechoota kan jedhu keessatti qajeelfamni dhiyaate gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa jedha.

a/ (Afaan oromoo keessatti fufiileen haala kamiin jechatti maxxanu?)

b/Afaan Oromoo keessa fufii gosa maaqatu jira?

Gaaffin akkasii immoo barattoonni ifatti irrati mari'atanii waan itti fakkaata akka kennamf dandeettii hasbarruu akka qabbifataniif kan fayyadu malee, fayyadama keessa wanta haaraa ibsee barsiise hin jiru. Kanaaf, haala itti aanuun osoo dhiyaate kan barsiisu ta'e gaariidha. Fufiilee barreeffama gabaabaa keessatti dhiyeessuun brattoonni achi keessatti fufiilee akka barataa gochuun gahumsa caasaa afaanichaa adda baasanii baruuf qaban ni cimsa (Katamba 1993:3).

A, Guddina Afaan Oromootiif namoonni gumaach taasisan hedduutu jiru.

Hima olii keessatti dhamjechoota horteeffi yaasaa dhiyaatnii jiru. Barreeffamicha keessatti faayidaafi haala dhiyaannaa isaanii addaan baasi .kanaaf baratoonni haala salphaa ta'een hundee jechaa, dhamjecha duraa, dhamjecha duubaa maqaafi gochima irratti argaman, faayidaafi fayyadama isaaniiaddaan baasi. Fakkeenya armaan olii keessatti

(25)

{-ina}= maqeessituu

{-ni}= n matimi mulistuu, -I sagduu

{-an {=an danooma

Kana immoo barattoonni dandeetti bal'isanii yaada isaanii akka cimsataa isaan gargaara. Kanaaf, qophii sirna barnootaa keessatti bifa mariisisuu danda'uun osoo qophaa'ee gaariidha.

Walumaagalatti qaaccessi ragaalee kun kan agarsiisu haalli dhiyaannaa ,tajaajillifi akaakuun dhamjechoota kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan akkamitti akka dhiyaatanii jiran ,faayidaafi haala fayyadama isaanii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti argaman adda baasuufi kitaabilee barnootaa keessatti akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuurratti kan xiyyeeffatuudh

BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

Seensa

Boqonnaa kana keessatti yaadolee boqonnaa darban keessatti ka' ametu dhiyaate. Akkasumas, tooftaa hanqinaalee garaagaraa haala hiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima Afaan Oromoorratti argaman kitaabilee barnoota kutaa 9ffaafi 10ffa bara 2005 qopha'an keessatti mul'tan irratti qaaccessa dhiyaateef iddoo cuunfaa, argannoofi yaada furmaataa itti dhiyaateedha.

5.1.Goolaba

.Mata duree qorannoo kanaa Qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaabara 2005 qopha'an irratti xiyyeeffata. Ka.umsi qorannichaas dhiyaannaan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa kanneen keessatti bal'inaan ibsuufi dhiisuu , gosoota fufiilee Afaan Oromoo kitaabilee Barnootaa keessatti akkamitti akka qoodaman,caasaalee afaanichaa walsimsiisuu keessatti qooda isaan qaban ,jeharratti maxxanuun jijjiirama isaan fidan, waalta'inaafi dagaagina Afaan Oromoo keessatti bu'aa isaan qaban ,adda baasee dhiyeesseera. Kaayyoon qorannichaas qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi Qajeelcha barsiisaa keessatti .Akaakuufi faayidaa dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii akka jiran ,mudaa gama kanaan mudatu adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban furmaata isaa waliin yoo ta'u bu'aa qorannoo kanaa irraa ni argama jedhamee eegamus ,barattoota, barsiisotaafi qopheessitoota sina barnootaafi kitaabilee biro qopheessaniif gumaacha taasisa. Cimina yaada qorannichaafis sakatta'an barruu qaaceffameera.

Adeemsi qorannichaas,qorannoo akkamtaatiin kan dhiyaate ta'ee sakatta'aa dokimentii keessatti argaman ibsuuf yaaleera Maddi ragaa tokkoffaa kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa yookaan sakatta'a dokimentiiti . Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qaaccessa kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaafi afgaaffii yoo ta'u ;walumaagalatti wantonni armaan olitti tarreeffaman kunneen qaaceffamanii dhiyaataniiru.

5.2 Argannoo.

kutaa kana keessatti argannoo qorannoo qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochimaa kitaabilee kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopa'an keessatti qophaanii hojiirra oolaa jirantu dhiyaateera .Haalli dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo hojiirra oolaa jiran haala akkamiin akka dhiyaataniifi hanqinaalee dhiyaannaan dhamjechoota kanneen irratti mul'tan adda bahaanii dhiyaataniiru. Haaluma kanaan qabxiilee olitti ibsamaniif furmaata barbaaduuf malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo ibsaatti gargaaramee jjira. Akkasumas, meeshaaleen funaansa ragaalee mirkaneeffannaa KBfi QBti. Ragaalee argaman irratti hundaa'uun immoo argannoo hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mulatan cuunfamarii kamaniiru .Akkuma argannoon mirkaneeffanna dhamjechootaa KBAO keessatti taasifame mulisutti hanqinaaleen dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa KBAO keessatti kan mulatan ta'uu hubachuun danda'ameera .Hanqinaalee mulatanis haala itti aanuun ibsamaniiru

- Dhiyaannaan akaakuu dhamjechootaa maqaafi gochimarratti argaman QBfi KB keessatti dhiyaatan ifaa tauu dhabuufi \\dhamjechoonni Afaan Oromoo tajaajila maal maaliif akka gargaaran gadfageenyaan ibsuu dhiisuu.
- Qooddiin dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti haala uumama isaanii ifaa ta'uu dhabuu.
- Haalli dhiyaannaa dhamjechoota tokko tokko uunka dhaabbataa dhabuu ,akkasumas dhamjechoonni heddumina agarsiisan kanneen biroo wajjin yemmuu wal bira qabamanii ilaalaman heddummachuu.
- Qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa kutaalee kanneen keessatti dhiyaatan muraasa ta'uufi qindoomina dhabuu .

Haalama wal fakkatuun ,dhamjechoonni danooma ,koorniyaa ,henna ,maayii agarsiisan adda bahanii kitaabilee kanneen keessatti dhiyaachuu dhabuu

- Dhiyaannaa dhamjechootaa keessatti jechoonni uumaman jechoota akkamiirra akka ta'e kitaabilee keessatti osoo hin ibsamin hafuu akkasumas ,uumamaafi

hormaata jechootaa keessatti dhamjechoonni tajaailafi horteeff oolan isaan kam akka ta'an adda bahaanii kitaabilee keessatti hin ibsamni hafuu. Haalli dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee keessatti dhiyaatan dhaaba dhabuu. Walumaagalatti, argannoon mirkaneeffanna adhiyaannaan dhamjechootaa kitaabilee barnootaa

- Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffa bra 2005 qopha'an akka mulisutti haqinaaleen kan keessatti argaman ta'uun hubatameera . Dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa kanneen keessatti dhiyaatan haala barattoota hawwatuun kan hin dhiyaanneefi barattoonni ofdanda'anii akka hin hojjeenne kan taasisu ta'uusaa argannoon kun adda baaasa.Qabanni isaas maalummaafi tajaajilli dhamjechootaa kitaabilee barataa keessatti ibsa bal'aa waliin hin dhiyaanne.Gama biraatiin gilgaalonniifi shaakalawwan qabiyyee kaanarratti hundaanii kitaabilee barataa keessatti dhiyaatan kan barattootaaf hubannoo kennan miti. kun immoo ofiin barachuu barattootaarratti dhiibbaa kan qabu ta'uusaa ragaaleen argame nimirkneessa. Karaa biraatiin, dhamjechoonni kitaabilee keessatti dhiyaatan dogoggora qabachuu isaanii darbee darbee kan mula'tu ta'uuis nijira. kun immoo, barattootas haat'u barsiisota kan dogoggosuudha .Itti dabalees, akaakuun dhajechoonni kitaabilee kunneen keessatti dhiyaatan uumamteefi hortee yoo ta'an dhamjecha horteen tajaajila seerlugaa addaddaatiif kan oolaniifi dhamjechoonni uumamtee immoo, garee jechootaa jijjiiruu akka danda'an , haala akkamiin tajaajila caaslugaaf addaaddaa akka agarsiisanfi mala maaliin garee jechootaa akka jijjiiran wanti ibsame kan hin jirree ta'uu argannoon kun ni ibsa. Kana malees dhiyaannaan dhamjechootaa kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan osoo sirriitti hin secca'amin hojiirra kan oolan ta'uusanii hanqinaaleen achi keessatti mul'tan kan ifa taasisu ta'uu, qaaccessi kitaabilee KBfi QB keessatti taasifame kan ibsu ta'uu argannoon kun lafa kaa'eera. Haaluma walfakkaatuun ,dogoggorri darbeedarbee kitaabilee kanneen keessatti mul'atu barsiisaafi barataa dogoggrsuu bira darbee qabiyyee kun barsiisota iddoo addadda gidduutti haala addaddaatiin hubatamuu waan danda'uuf qabiyyeen barnootichaa bifa garaagaraatiin akka hojiirra oolan taasia . Kun immoo, barattoota sadarkaa takkorra jiran gidduutti addaddummaa kan uumu

ta'usaa hubachuun ni danda'ama. Akka waliigalaatti qorannicha gara gudunfaatti fiduuf hanqinaalee haala dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa kutaalee kanneen keessatti mul'atan irratti hunda'uun yaanni furmaataa kennameera.

5.3.Yaboo

Mata duree kana keessatti argannoo gudunfaa keessatti ibsame irratti hundaa'uun yaanni furmaataa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima Afaan Oromoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopha'an keessatti argaman hanqina kan qaban waan ta'eef bifa itti dhiyaachuu qabaniin akka idhiyaataniidha. kana malees, hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee barnootaa keessatti mul'atan kanaaf, tooftaan fooyya'iinsa dhiyaannaa dhamjechootaa maal ta'uu akka qaban wantanni furmaataa kennaman; qaamolee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo qopheessaniif, itti aansuun barsiisota barnoota sadarkaa kana barsiisaniif dhimma kanarratti cimani akka hojjetaniidha . Galma gahiinsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa ta'uu tokko hojiirra oolchuuf dhiyaannaan dhamjechootaa kitaabilee barnootaa qooda guddaa qabu. Haaluma kanaan dhamjechoonni kitaabilee Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan maalummaa isaan iirraa jalqabani haala salphaafi ifaata'een qophaa'anii dhiyaachuu qabu. kanaafuu qopheessitoonni kitaabilee barnootaa bifa salphaatti hubatamuu dandauun qabsiisa gahaa fi fakkeenya bal'aan deggeranii osoo dhiyeessanii ofiin barachuu barattootaa keessatti gahee olaanaa qaba. Kana malees, qabiyyeewwan dhamjechootaa Afaan Oromoo boqonnaalee murta'an jalatti qinda'anii osoo dhiyaatani haala salphaa ta'een barattooni hubachuu waan danda'aniif galma gahiinsa qabiyyichaatiif bu'aa guddaa qaba. Itti dabalees gilgaalonnifi shaaklawwan qabiyyee dhamjechoota irratti hunda'anii kitaabilee barattootaa keessatti dhiyaatan karaa kallattiin qofa osoo hin taane dubbisa keessatti haala naannoon wal qabsiisani dhiyaachuu qabu. Kun immoo, qabiyyicha hanqina tokko malee galma akka gahuu nitaasisa. kana jechuun gilgaalota qabiyyee fufileen walqabtan dhiyeessuun dura maalumma qabiyyichaa jalqabarratti dhiyaachuu qaba. yoo haala akkasiin kan dhiyaatu ta'e barattoonni haala salphaan gilgaalota dhiyaatan hojjechuu danda'u .Kanaafuu qopheessitoonni sirna barnoota Afaan Oromoo qabiyyee dhamjechoonni karoorsan

gaheehaalli dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa keessatti qabu adda baasuun qopheessuu qabu. Qiyyeewwan dhamjechoota maqaafi gochima Afaan Oromoo irratti argaman kitaabilee barataa keessatti dogoggoraan barreessuun hanqina ulfaataa waan ta'eefi adeemsa qabiyyicha hjiirra oolchuu keessatti rakkoo inni fidu saphaa miti. kanaaf addaddumma akka hin uumaneef qopheessittoonni kitaabilee barnootaa of eegannoon qopheessanii dhiyeessuu qabu.

Uumamaafi hormaata jechootaa keessatti dhamjechoonni addaddaa tajaajila addadd qabachuun isaanii beekamaadha. Haaluma kanaan ,akkaataa tajaajilaan isaanii adda bahaanii kitaabilee keessatti dhiyaachuu qabu. Akkasumas, ulaagaa ittiin adda bahanii beekaman waliin kitaabilee keessatti dhiyaachuu qabu. kanaafuu qopheessittoonni qabiyyee kana kitaabilee keessatti qopheessan haala dhamjechoonni kun jechootatti maxanuun jechoota harawaa itti uumuu danda'aniifi tajaajila caaslugaa ittiin agrsiisuu danda'an adda baasanii osoo kan dhiyeessan ta'ee , hubannon barattoonni qabiyyichaarratti qaban irra caalaa cimaa ta'a .kana malees, jechoonni Afaan Oromoo kan uumamaniifi kan horan fufiilee addaddaa ofitti maxanfachuudhaan gareen jechootaa uumama. kun immoo,garee jechootaa kan jijjiiraniifi caasluga addaaddaatiif kan oolaniidha .kanaafuu qopheessittoonni sirna barnootaa haala dhiyaannaafi hormaataafi uumama jechootaa Afaan Oromoo haala ofiin barachuu barattootaa dhiibbaa fiduu hin dandeenyeen qopheessanii dhiyeessuu qabu. Kanamalees dhamjechoonni Afaan Oromoo bakka argama afaanicha keessatti kennaniin qooddii garaagaraa qabaachuu danada'uu .Haata'umalee , qooddii kana keessatti dhamjechoonni: duraa, gidduu, naanneefi duubaa yoo ta'anillee, kitaabilee barataa kutaalee kanneen keessatti ; fufiin naanneen akaa waan hin jirreetti bira tarameera. kana jechuun xiyyeeffannoon kitaabicha keessatti maqaa hin dhaamne. kanaaf,qopheessittoonni sirna barnootaa dhimma kana ilaalcha keessa galchaniin kitaabilee barnootaa qopheessuu qabu. Haaluma kana fakkatuundhamjechoonni hedduun osoo jiraniin kanneen murtoofte qofaatti fayyadamuunis ni mua'ata akkasumas, haalli dhiyaannaa isaanii dhaaba dhabuunillee nijira .Dhimmoonni walxaxoo ta'anii akkasii kitaabilee kanneen keessatti waan heddummatuuf kun immoo, walta'ina afaanichaaf rakkoo ulfaataadha. kun immoo qophii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti ilaalcha itti kennanii qopheessuu qabu. walumaagalatti ,hanqinaalee

haalli dhiyaanna dhamjechoota Afaan Oromoo maqaafi gochimarratti argaman kan kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005 qopha'anii adeemsa baruu barsiisuuf dhiyaatan keessatti argaman sirreessuuf , kitaabilee amma qophaa'anii hojiirra oolaa jira kunneen milka'ina galma gahiinsa qabiyyee barnootichaa fiixaan baasuu qabu akka danda'aniif irra deddeebi 'amanii ilaalamuu.

Wabiilee

- Abarraafikaawwan (1998). *Caasluga Afaan Oromoo (Jildii-1)*, Addis Ababa: Branna Printing Enterprise.
- Abdulsamad Muhaammad. (1994) .*Caasluga Afaan Oromoo.(Jildii)* ,Addis Ababa: Branna Printind Enterprise.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Naatoo: Yaadrimee Caaslug Afaan Oromoo*, Finfinnee, Oromiyaa: Mega Printind Prees.
- Addunyaa Barkeessaa (2013) .*Sanyii . Jechaafi Caasluga*: Finfinnee Printing.Plc.
- Anderson, S.R. (1992). *Amorphous Morphology*. Cammbridge University Prees.
- Asaffaa Tafarraa.(2009).*Eelaa:Seenaa Ogummaa Oromoo*,Finfinnee Oromiyaa:FarEast Treading,Plc.
- Bauer, L. (1983). *English Word Formation*. Cambidge University.
- Baye Yimam.1986). "*The English Word Formation.Cambridge Phrase Structur Of Oromoo*: .London: University Of London,School Of Orientai Studies (Phd) Dissertation)
- Catherine, G. M. (1987) .*Agrammatical Sketch of Written oromo*. Rudiger Kopp Verlage Colin.3-89645-039
- Cohen, L. Minion , L. Andmorrison K. (2005) .*Research Method in Education*.
- Chomesky.N. (1965). *Aspects of the Theory Ofsyntax* .Cambrdge. MI. Press.
- Creswell, J . W. (2007) .*Qualitative Inquiry And Research Design. (2nd.Edt.)*. Sag Publication Icon.
- Cook, v. (2001). *Second Language and Research design (2nd,edt.)*. Sag Publication.
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo .Fifinnee*: FarEast treading PLC. Enterprise
- Filee Jaallataa. (2015). *Seerluga Oromoo: Finfinnee*. Mana Mxxansa Raajii.

- Finch, G (2005). *Key Concepts in Language and Linguistics*. (2nd Ed). Houndmills 12th. Hampshire . New York. Palgrave . MC Millan.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo: Fifiinee Dhaabbata Maxxansaa Kuraaz Internaashinnlii*.
- Gragg, G. B. (1976). *Oromo Of Wollega, in M.L.Bender (eds.)*, The None-Semetic Language Of Etiophia. Michigan: Michigan University Prees.
- Harmer, J. (1991), *Teaching And Learning Language*. UK: Longman York Prees.
- Haspelmath, M. (2002). *Understanding Morphology*. 2nd .(edt.), Holde Arnold.
- Hockett, C. F. (1970). *Acourse in Modernlinguistic* . USA. The Mamillan Prees Ltd. Horn by, A.S.92005) . Oxford Advanced Learnres Dictionary(7th.Edt.). Oxford: Oxford Universty Prees.
- Jaarraa W.bfi W.B Yaadatuu (1999). *Haala Dhiyeessa Xinjechaa Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keessatti*. Haala Barattoota Mana Barusaa Gobbaa, Qorannoo Dig.2ffaa.
- Jhon E.Warriner. (2001). *Elementa of Language*. Six Course. New York. Unite State Of America.
- Katamba, Franics. (1993). *Morphology*. Great Britain, Themachmillan Prees. Ltd.
- Lyons, John. (1981) *.Language And Linguistics: An Introduction*. Cambridge: Cambridge University Press
- Mattew, P. H. (1991). *Mophology 2nd edt*), Cambridge: Cambrige Universitypress
- M C .Carthy, Michael. (2001). *.Issu in Appiled Ligustics* .Cammbrige: Cambridge
- M C .Douough, J. and Shaw, C. (1993). *Materiai and Methoda in English Language*. M M C. Graw Hill (2000) *.Grammerand Composition Hand Book* .New York.USA. *Teaching* .Oxford: Black Well Publishera Ltd.
- MC. Dougal, L. (1989). *Litte English, Orange Level*. Analyzing Word Part to Determine

Meaning. New York .USA.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa;*

kutaa 11ffaafi 12ffaa: Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

Minsteera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa*: Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Biiftuu Guddina Afaanii*. Fifiinee: Subprinting press.

Mitikku Dibbeessaafi Tashoomee Egeree (1992). *Xinjecha. Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa*. Barnoota fagoo Dhaabbata Mala Quunnamtii, minsteera barnootaa.

Nunan, D. (1989). *Designing tasks for the communicative class room*. Cambridge University press.

O,Grady ,W. and Dobrovolsky .M .(1996). *Contemporary Linguistics Analysis, An Introduction (3rd.ed.)* Ternto Kopp Clark Ltd.

Owens , J. (1985). *The Grammar of Harar oromo*. Humburge: Helmut Buske Verlage Humburge.

Pahuja, N. N. P. (1995). *Teaching of English*. New Delhi: J. L. Kumer.

Radford , et al. (1991). *Linguistics Introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

Richards, J.C and W.A. Renady. (2002). *Methodology In Language Teaching*. Cambridge Cambridge University press.

Richards, J. C. (2001). *Curriculum Development In language teaching*. Cambridge; Cambridge university press.

Robert E. Owens, Jr. (1988 2ⁿ). *Language Development: An introduction^d ed.* New York. U.S.A.

Stern, H. H. (1983). *Fundamental Concept of Teaching*. Oxford: Oxford University Press.

Temene Bitima. (2000). *Adictionary of oromo Technical terms*, Oromo English. Berlin Rudiger Kopp Verlage Kolin.

Tolamaariya Fufaa. (2011). *Seera.I.Dhaamsa gaaffii dhajechootaa*. Addis Ababa. AAU.

University press

Yule , G. (1996). *The study of Language .2nd.(edt.)*. Cambridge: Cambridge University press.

Dabalee. A

Qabiyyee dhajechoota qaban waliin ilaaluuf KBAO kutaa 9ffaafi 10ffa sakkatta'uun guutaman

Boqonnaa	gilgaala	fuula	Gosa dhamjechoa	Ajaja kenname
5	4	49	dhamjecha duraafi boodaa	Jechoota armaan gadii fufii addaan baasuun fufii duree ykn fufii boodaa ta'uu himi.
9	10	90	Hundee	Gochima hundee kanaa gadiirraa matima qeenxee fi matima danuu fayyadamuu hima ijaari
11	114	5	Dhamjecha boodaa	Himoota armaan gadii keessatti gochawwan“deem-“,”gal“jedhan irratti fufii”-uf”dabaluun gocha gara fuula duraa raawwachuuf deemu agarsiisa.
QB kutaa9,9	6	38	Dhamjecha Duraa	Fufoota armaan gadi fayyadamuun jechoota barreessi.
9	6	38	dhamjechaDuraa	Fufooni kunneen hiika maal kennu?
KB kutaa 10ffaa,2	24	8	Dhamjecha boodaa	Himoota armaan gadii keessa latii danoomaa baasi

Boqonnaa	gilgaala	Fuula	dhamjecha duraa	Ajaja
2	25	9.A	dhamjecha boodaa	Jechoola armaan gadii keessa fufiilee baasii agarsiisi
2	12	29-30	Latii walabaafilatii hiikataa	Fakkeenya kenname irratti hunda'uun latii walabaafi latii hikataatti qoodii agarsiisi
2	12	3o	Latii walabaafi	c.latii b. jalatti agarsiifamerraalatii meeqa akka baafte agarsiis
2	9	24	dhamjecha duraafi boodaa	Shaakala danoomaa
2	12	26-27	Latii wabalaafi walabaa	Latii
2	13	28	Durafi boodaa	Jechoola armaan gadiirra fufoota baasuun agarsiisi
2	13	29	Walabaafi wabala	f.jechoola himoota armaan gadii rraa keessatti jala sararamanirra ltoo baasi